YUUNVARSIITII MADDA WALAABUU

KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMUMMAA

MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OG-BARRUU

RAKKOO BARATTOONNI AFAAN AMAARAATIIN AFAAN HIIKKATAN YEROO AFAAN OROMOO DUBBISAN ISAAN MUDATU XIINXALUU (XIYYEEFFANNOO GODINA BAALEE AANAA GURRAA DHAAMOLEE MANA BARUMSA SADARKAA LAMMAFFAA JIBRII)

QORATTUUN: ABARRAASH XILAAHUN HUNDEE

AMAJJII, 2013 A.L.I

BAALEE ROOBEE ,ITOOPHIYAA



YUUNVARSIITII MADDA WALAABUU

KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMUMMAA

MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OG-BARRUU

RAKKOO BARATTOONNI AFAAN AMAARAATIIN AFAAN HIIKKATAN YEROO AFAAN OROMOO DUBBISAN ISAAN MUDATU XIINXALUU (XIYYEEFFANNOO GODINA BAALEE AANAA GURRAA DHAAMOLEE MANA BARUMSA SADARKAA LAMMAFFAA JIBRII)

QORATTUUN: ABARRAASH XILAAHUN HUNDEE

LAK. ID: PGAOSG/0034/09

Waraqaa qorannoo digrii lammaffaa (m.a) guuttachuuf dhaabbata qorannoo afaanotaatti muummee afaan oromoo fi ogbarruu

AMAJJII, 2013 A.L.I

BAALEE ROOBEE ,ITOOPHIYA

Mirkaneeffannaa

Yuunvarsiitii Madda Walaabuu

Dhaabbata Qorannoo Digrii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo fi og-barruu barsiisuun guuttachuuf mata duree: “rakkoo barattoonni Afaan Amaaraatiin afaan hiikkatan yeroo Afaan Oromoo dubbisan isaan mudatu xiinxaluu**(** xiyyeeffannoo godina Baalee aanaa Gurraa dhaamolee mana barumsa sadarkaa lammaffaa Jibri)” jedhuun qophaa'e, sadarkaa yuunvarsiitiin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa keessaa_____ Mallattoo _____ Guyyaa_____

Gorsaa_____ Mallattoo _____ Guyyaa_____

_____

Itti Gaafatamaa Muummee Yookiin Qindeessaa Digirii Lammaffaa (MA)

Axereeraa

Kaayyoon qorannichaa inni guddaan rakkoo barattoonni Afaan Amaaraatiin afaan hiikkatan yeroo Afaan Oromoo dubbisan isaan mudatu xiinxaluudha..Kana keessatti, odeeffannoon barbaachisaa ta'e barattoota kutaa 9ffaa, barsiisota Afaan Oromoo mana baruumsichaafi barruulee adda addaa irraa funaaname jira. Kaayyooo qorannichaa galmaan ga'uuf, odeeffannoo kallattii garagaraarraa argaman gosa qorannoo makaatti dhimma ba'uun qaacceffamanii boqonnaa 4ffaa keessatti addabahanii jiru.Odeeffannoon kunniinis kan walitti qabaman malleen gara garaatin yoo ta'u isaanis malleen dawwannaa, bar-gaaffii fi af-gaaffiti. Ragaa qaacceffame irraa wanti hubatame, barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammataatti baratan yeroo Afaan Oromootin dubbisan rakkoowwan isaan muudatan keessaa sagaleewwan dheeraa, gabaabaa, jabaa fi laafaa adda baafachuu, akkasumas qubeewwan dachaa sirriitti jechuu fi adda baasanii beekuu dadhabuudha. Dabalataanis, ragaa qaacceffamerraa akka hubachuun danda'ametti rakkoowwan eeraman kanniinif sababoonni gara garaa jiraachun addabahee jira. Sababoota kanniin keessaa barattoonni rakkoo dubbisuu isaan muudatuuf ofuma isaaniitiif ka'umsa rakkoo ta'uun isaanii addabahani jiru. Barattoonni yeroo sagantaa Afaan Oromoo daree keessatti argamuu dhabuu, ofitti amanamummaa dhabuu, yeroo dubbisan ni dogoggorra jedhanii sodaachuu fi fedhii Afaan Oromootin dubbisuu dhabuun rakkoo dandeettii dubbisuutiif sababa ta'u. Kana malees, rakkoo ka'e kanaaf akka sababatti kan hubatame dhiibbaa afaan dhalootaa ta'uun isaa addabahee jira.. Argannoowwan kaniinirratti hunda'uun yaadni furmaataa addabahee jira. Barsiisonni barnoota Afaan Oromoo barsiisan yeroo barnoota dubbisaa rakkoowwan isaan mudatuuf adda baasuu fi sirreeffama kennuun barattoota jajjabeessuu qabu. Barattoonni dandeettii dubbisuu akka gabbifataniif barsiisonnii fi maatiin barattootaa hordoffii barbaachisaa ta'e akka godhan gochuun barbaachisaadha. Kana malees, qaamoleen sirna barnoota fi kitaabolee barnoota qopheessan rakkoowwan dandeettii dubbisuu afaan lamaffaa keessatti barattoota mudatu danda'an kaniin xiyyeeffannaa keessa galchuun meeshaalee barnoota kaniin haala barattoonni hundinu ittiin barachuu fi dandeetti afaanii jedhame kana ittiin dagaagfachu danda'anitti qopheessuu qabu.

Galata

Duraan dursee qorannoo kana karaa sirrii ta'een akkan hojjadhuuf hubannoofi qajeelfama adda addaa kan naaf kennaa turan gorsaa kiyya Dr. Teessoo Bariisootiif galanni kiyya guddaadha. Itti aansuun barsiisotaafi barattoota kutaa 9ffaamana barumsa sadarkaa 2ffaa Jibri odeeffannoo barbaachisoo ta'e naaf kennaniif galanni koo kan onneerraa madde. Dhuma irratti sakatta'a barruu qorannoo kanaa barreessuuf kitaabilee ani barbaade kan naaf kennan hojjattoota mana kitaaba Yuunivarsitii Madda Walaabuuf galanni koo haa ga'u.

Baafata

Qabiyyee **Fuula**

Mirkaneeffannaa i

Axereeraa ii

Galata iii

Baafata iv

Baafata Gabateewwannii vii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa 2

1.3. Gaafiiwwan bu'uura qorannichaa 4

1.4. Kaayyoo Qorannichaa 5

1.4.1. Kaayyoo Gooroo 5

1.4.2. Kaayyoo Gooree 5

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa 5

1.6. Daangaa Qorannichaa 6

1.7. Hanqina Qorannichaa 6

1.8. Qindaa'ina Qorannichaa 7

BOQONNAA LAMA : SAKATTA'A BAARRUU 8

2.1. Maalummaa Dubbisaa 8

2.2. Barbaachisummaa Dubbisuu 10

2.3. Dubbisa Gahumsaan Dubbisuuf Tooftaalee Barbaachisan 11

2.4. Dogoggooroota Tooftaa Dubbisaa....12
2.4.1. Sagalee Dhageeffachaa Dubbisuu /subvocalizing/....12
2.4.2. Qubaan Akeekaa Dubbisuu /finger pointing/....12
2.4.3. Of Duuba Deebi'aa Dubbisuu....12
2.5. Ga'umsawwan Dandeettii Dubbisuu....13
2.5.1. Ariitiin Dubbisuu....13
2.5.2. Sirrummaa....13
2.5.3. Ibsuu....13
BOQONNAA SADI:MALLEEN QORANNOO....14
3.1. Saxaxa Qorannoo....14
3.2. Irraawwatama Qorannichaa....14
3.2.1. Filannoo Mana Barumsaa....14
3.2.2 .Sadarkaa Daree Barnootaa....14
3.2.3. Filannoo Barattootaa....15
3.2.4. Filannoo Barsiisotaa....15
3.3.Madda Odeeffannoo....15
3.4. Iddattoo Qorannichaa....15
3.5. Meeshaa Funaansa Ragaa....16
3.5.1. Daawwannaa....16
3.5.2. Bar- gaaffii....16
3.5.3. Af-gaaffii....17
3.6. Mala Qaacceessa Ragaa....17

BOQONNAA AFUR: ODEEFFANNOO QAACCESSUUN HIIKA ITTI KENNUU 18

4.1. Duubee Ragaa Kennitootaa 18

4.2. Barattoonni Afaan Oromoo Ennaa Dubbisan Rakkoowwan isaan Mudatu 20

4.3. Barattoonni Afaan Oromoo ennaa dubbisan rakkoowwan isaan muudatuuf wantoota sababa ta'an.....31

4.4. Barattoonni Afaan Oromoo ennaa dubbisan rakkoowwan isaan mudatuuf wantoota furmaata ta'an.....**Error! Bookmark not defined.**

BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA FI YAADA FURMAATAA.....56

5.1. Guduunfaa (Goolaba) 56

5.2. yaada furmaataa 58

KITAABBILEE WABII.....60

DABALEEWWAN 62

Dabalee A 62

Dabalee B.....69

Dabalee C.....70

Dabalee D 75

Dabalee E.....76

Baafata Gabateewwannii

Gabatee: 4.1. Seenduubee barattoota waliigala ragaa kennuuf iddaatteffamanii.....19

Gabatee 4.2.Rakkoowwan barattoonni yeroo dubbisa dubbisan isaan muudatu..... 20

Gabatee 4.3.Barattoonni Afaan Orromoo yeroo dubbisan rakkoo isaanmuudatu …… ……22

Gabatee 4.4.Barattoonni Afaan Oromoo yeroo dubbisan rakkoo isaan muudatu……. .……24

Gabatee 4.5. Barattoonni Afaan Orromoo yeroo dubbisan rakkoo isaan muudatu ……. …27

Gabatee 4.6. Fedhii barattoonni dubbisa Afaan Oromootiif qaban agarsiisu …..... 31

Gabatee 4.7. Afaan Oromootiin dubbisa yeroo dubbisan rakkoowwaniif sababa ta'an ..…36

Gabatee 4.8. Barsiisaan Afaan Oromoo ennaa barsiisu rakkoof sababa ta'an. ……..…… 38

Gabatee 4.9. Sababoota rakkoo dubbisuu barattootaa……....…… …...40

Gabatee 4.10. Barattoonni Afaan Oromootiin ennaa dubbisan rakkoowwanif furmaata … .45

Gabatee 4.11.Gumiiwwan barreeffamoota fi gahee barsiisaa.……...….48

Gabatee 4.12 Rakkoo dubbisuu barattootaa furuuf taattaaffii godhamu ilaalchisee. …...… .50

Gabatee 4.13. Barsiisonni xiyyeeffannoo barnoota dubbisaatiif kennan.…… ……...52

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1. Seenduubee Qorannichaa

Dandeettiiwwan afaanii gurguddoo keessaa dandeettiin dubbisuu isa tokkoodha**.** Barattoonnii afaan tokkoffadhaan hikkataniifi afaan lammaffaadhaan baratanis ittiin dhimma bahu. Yeroo barnoota afaan lammaffaa baratan barattoonni dubbisa fayyadamun barreeffama irraa ragaa sassaabuu, wanta haaraa ta'e kan ittiin argatan,dandeettii isaanii kan ittiin gabbifatan waan ta'eef dubbisa akkaataa sirrii ta'een beekuu fi hubachuun barbaachisaadha. Dubbisuun akka dubbachuu fi dhaggeffachuu mana barnootaatiin ala baratamuu kan hindanda'amne waan ta'eef barattoota afaan dhalootaa isaanii ta'eefi afaan lammaaffa dubbatan barnootaan kan argataniifi kan gabbifatanidha. Keessaahuu,barrattoonni afaan isaanii kan jalqabaatin osoo hin taane afaan lammaffaa keessatti yoo dandeettii dubbisuu baratan rakkooleen gara garaa isaan qunnamu danda'a. Waan kana ta'eef yoo afaan lammaffaa kana fayyadamuun dubbisan dogoggora uumun isaanii hinhafu.

Kanumaan walqabsiisun, Ali Akbar (2012) rakkoowwan dubbisaan walqabatan maatiidhaan ,hawaasaan ,haala mijjataa qabaachuu dhaabuu eddoo ,walgitiinsa dhabuu sirna barnootaa, dhiibbaan dubbisa irraan gahu laayyoo akka hin taane ennaa ibsu rakkoon kun manneen barnoota sadarkaa tokkoffaa keessatti mul'achaa turee hanga sadarkaa laammaffaattii waliin kan guddataa dhufuu fi dubbisni milkaa'ina barbaadamu bira gahuu dhabuu isaa ibsa.Snow ,E.C.'et.al' .(1998) " rakkoon dubbisaa mana barumsa sadarkaa tokkoffaa keessatti dhimma ijoo ta'ee ka'a" jechuudhaan ibsanis rakkoon kuni garuu hanga manneen barnoota sadarkaa ol'aanootti rakkoo cimaa furmaata argachuu qabu ta'ee mul'ata.

Kuutondokwa,S.(2003,October) immoo "Dubbisni guddina saayinsii fi teeknoolojii kamiifu dhimma ijoo fi barbaachisaa waan ta'eef, jireenya keenya keessatti dhimma murteessaa dha jedha." Haalli kun immoo dandeettii dubbisuu malee guddinnii fi jijjiiramni argamuu akka hin dandeenye nu hubachiisa .

Sababni isaas, dubbisni bu'uura dandeettii waa hundaatiif addaduree waan ta'eef barnoota hammayyaawaa keessatti baay'ee barbaachisaa fi milkaa'ina jireenya ilmaan namaa galmaan gahuu kan danda'uudha. Sadarkaa barnoota kutaa kamiifuu dubbisaaf xiyyeeffannaan kennameefii irrattii hojjatamuu qaba . Sababni isaas; dandeetti dubbisaa malee barattoonnii qabiyyee kitaaba barnoota isaanii hubachuu hin danda'an; kanaaf barattoonni mana

barumsaa keessatti jijjiirama quubsaa ta’e hin agarsiisan” jechuudhaan haala waliigalaa duubbisni dhiibbaa uumuu danda’u ibsee jira Ellis,R. (1989).

Walumaagalatti, namni tokko dubbisa kan eegalu qubee dubbisuu irraa kaasee ta’us dubbisni guddachaa fi bal’achaa ennaa deemu rakkoolee gubbaa irrattii ibsamaniin gufachuu danda’an .Haaluma kanaan ,yaad-hiddamoota as-keessatti ibsamanii fi kan birootis ilaalcha keessa galchuun qorannoon kun barattoota afaan isaanii Afaan Amaaraatiin hikkatan mana barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} Jibrii barattoota kutaa 9^{ffaa} dubbisa yeroo dubbisan rakkoo isaan muudatuu fi sababoota rakkoo ta’an irratti kan xiyyeeffateedha.

1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Hiika dubbisuu salphaadhumatti kennuun niulfaata. Dubbisuun adeemsa walxaxaa ta'an kan akka ijaan ilaaluu, xinsaga adda baasuufi adeemsa xinyaadaa k.k.f kan ofkeessatti qabatuudha. Kanaafuu hiika gabaabaa ta'e kennuun nirakkisa Smith, F.(2001).

Haa ta'u malee, dubbisuuf hiikni adda addaa kennameefi jira. Akka Nuttal (1998) ibsitetti, dubbisuun riqicha barreessaafi dubbisaa walqunnamsiisu ta'eet karaa itti dubbisaan odeeffannoo barreeffama tokkoo argatuudha. Kana malees, yaada hayyuu kanaa jajjabeessuuf hiika dubbisuu irratti kennaman keessaa kan Rudell (1998) isa tokkoodha. Akka yaada barreessaa kanaatti, dubbisuun adeemsa barruu tokkorraa hiika argataniidha. Dubbisaan waanta dubbiseef hiika kan kennu muuxannoofi beekumsa duraan qabuu fi odeeffannoo barreeffama dubbisee argate waliin walsimsiisuudhaan. Kunis, walqunnamtiifi waliigaltee hawaasummaa gaarii ta'e yaadachuufi xiinxaluun gara dubbisichaatti fiduun hiika argata.Akka yaada Nunan, (1989) dubbisuun adeemsa walitti dhufeenya beekumsa dubbisaan mata duree dubbisichaa irratti qabuufi wanta barreessaan dubbisicha keessatti dhiheesseedha. Grellet (1981) akka ibsitetti, dubbisuun dandeettii dammaqinaan yaada dubbisa sanaa tilmaamuu, mirkaneessuu, ofgaafachuu k.k.f kan agarsiisu.

Hiika dubbisuu irratti Moore & et.al (1995) kan jedhan qabu. Dubbisuun salphumatti jechoota sagaleessuun gaaffii dubbisa irratti gaafatamaniif deebii kallattumaan mul‟atu kennuu qofa miti. Dubbisuun odeeffannoo dubbisa keessatti kennaman kunneen immoo gara yaada maalii akka nama qajeelchan xiinxaluudha. Dubbisuun yaada ofii muuxannoo mataa

keetii fayyadamuun ergaa dubbisichaa tilmaamuu, yaada walitti qindeessuufi madaaluufaa of keessatti qabata.

Clitford & Others (1990) Dubbisuun akka rincicaa ta'etti fudhatamuu hinqabu. Dubbisuu hirmaannaa dammaqinaa dubbisaa irraaa kan barbaaduudha. Ergaa dubbisicha irra ga'uuf namni dubbisu sun tattaaffii isaa itti dabaluu qaba.Jechoonni fuula waraqaa irra kaa'aman, kophaa isaanii hiika hinqabaatan.Akka yaada kanaattis, dubbisuun jechoota waraqaarra jiran funaanuudhaan kan daanga'u miti. Dubbisaan tokko barreeffama otoo hindubbisin dura maaliif akka dubbisuufi akkamitti akka dubbisu beekuu qaba.

Dhimma dandeettii dubbisuutin walqabatee yaadni hayyootaan kenname kan armaan olii akkuma jirutti ta'ee adeemsa baruu fi barsiisuu dandeettii dubbisuu keessatti barattoota rakkoon gara garaa isaan qunnamu danda'a. Kanumaan walqabsiisun akka yaada Burns and Others (1999) jedhanitti dandeettii dubbisuu barsiisuu keessatti rakoon barattoota qunnamu danda'u barattoonni waan (barreeffama) dubbisan yaada isaa argachuu dadhabu yoo ta'u kunis yadni barreeffamicha walxaxaa ta'uufi qaamoleen barreeffamichaa afaan barattoonni beekaniin waliin deemuu dhiisurra kan burquudha. Yaaduma walitti dhiyaatun, Richards (2001) yoo ibsan dandeettiin dubbissuu dandeettiiwwan waligalteedha (communicative skills) barbaachisoo ta'an keessaa isa tokkoofi kan barsiifamu ta'ullee dandeetti kana barattoonni akka dagaagfatan gochuu keessatti rakkoo jiraachuun isaa hin ooluu. Rakkoowwan kaniin keessaa inni tokkoo garaagarrummaa afaan jalqaba kan barattootafi afaan barachaa jiran jidduu jiru ta'uu hayyuun kun ni ibsu.

Kanumaan walqabatee qorannoowwan biyya keessatti dalagaman akka agarsiisanitti barattoonni afaan dhalootatiin alatti afaan lamaffaa (L2) keessatti yeroo dandeettii dubbisuu baratan garaagarummaa afaanitirraa kan ka'e rakkoon nijira. Fakkeenyaaf, Yeshii Margaa (2005) maneen barnoota sadarkaa lamaffaa godina Shawaa Lixaati argaman muraasa keessatti barattoonni afaan birootin afaan hiikkatan Afaan Oromootin dubbisanii hiikaa jechootaa hubachuu irratti rakkoo isaan qaban xiixaluuf qorannoo gaggeessitee turte. Akka argannoo qorannoo kanaatiti barattoonni akkasii jechoota Afaan Oromoo dubbisuullee yoo danda'an hiika isaanii haala galumsaa tiin kennuun akka isaan rakkisu hubachuun danda'ame jira.

Barattoonnii kutaa 9ffaa mana barumsa sadarkaa 2ffaa Jibrii muraasni hanga kutaa 8ffaa barnoota isaanii kan ittin hordofan Afaan Amaaraatiini. Afaan Oromoo barnoota idileetiin kan jalqaban kutaa 5ffaa irraa jalqabaniiti. Barattoonni kun,maatiifi hiriyoota isaanii waliin kan fayyadaman Afaan Amaaraa waan ta'eef adeemsa baruu barsiisuu keessattii rakkoo barattoota mudatu keessaa innii jalqabaa dubbisa Afaan Oromoo dubbisuu dadhabuun sadarkaa kutaa isaan keessa jiraniin kan wal hin madaalle ta'uusaa hubadheera . Adeemsa kana keessatti kanin arge aanaa Gurraa Dhaamolee Mana Barumsa Sadarkaa 2ffaa Jibrii keessattii waggoottan shanii oliif barsiisaa turee keessatti rakkoowwan dubbisaan walqabatanii mul'achaa turan hubachuu danda'ee jira . Kanaafuu, bakka qorannoo kana itti gaggeessu Mana Barumsa Sadarkaa 2ffaa Jibrii keessattii barattoota jiran enna barsiisu fi Afaan Oromootiin yeroo dubbisaan rakkoowwan jiran hubadheen jira.

Qorannoon armaan olii xiyyeeffannaan isaa garaa garummaa afaan dhalootaa barattootafi Afaan Oromootirraa kan ka'e Afaan Oromoo keessatti yoo dandeettii dubbisuu baratan rakkoon isaan qunnamu ta'ullee qorannoo kanarraa adda addummaa qabaachuun isaanii ifa gala. Qorannoon Yeshii Margaa (2005) barattoonni afaan birootin afaan hiikkatan Afaan Oromootin dubbisanii hiikkaa jechoota xiinxalu irratti xiyyeeffata. Garuu, qorannoon kun akkuma waliigalaatti barattoonni Afaan Amaaraatin afaan hikkatan Afaan Oromootin yoo dubbisan rakoo isaan muudatu ilaala. Kanaafuu, bakki qorannoon eerame kuni bira hingahiin ni jira jechuudha. Kanumarraa ka'uudhan qaawwa mul'atu kana cufuuf qorannoon kun mata duree "Rakkoo Barattoonni Afaan Amaaraatiin afaan hiikkatan yeroo Afaan Oromoo dubbisan isaan mudatu xiinxaluu **(X**iyyeeffannoo Godina Baalee Aanaa Gurraa Dhaamolee Mana Barumsa Sadarkaa Lammaffaa Jibri) jedhu irratti gaggeeffame jira.

1.3. Gaaffiiwwan Bu'uura Qorannichaa

Qorattuun qorannoo kana si'a gaggeessitu gaaffilee bu'uura qorannichaa armaan gaditti eerameef qorannoon kun deebii ni laata jedhee amana.

1. Barattoonni Afaan Amaaratiin afaan hikkatan dubbisa Afaan Oromoo yeroo dubbisan rakkoo isaan mudatu maal fa'a?
2. Barattoonni Afaan Amaaratiin afaan hikkatan dubbisa Afaan Oromoo yeroo dubbisan rakkoo isaan mudatuuf sababn isaa maali?

3. Rakkoowwan barattoonni kuniin Afaan Oromoo yeroo dubbisan isaan mudataniif furmaani maal ta'u qaba?

1.4. Kaayyoo Qorannichaa

Mata duree qorannoo kanaa galmaan geessisuuf qorannoon kun kaayyoo gooroo fi gooreetti akka armaan gadii kanatti kaayyeffamee jira

1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa rakkoo barattoonni Afaan Amaaraatiin afaan hiikkatan yeroo Afaan Oromoo dubbisan isaan mudatu xiinxaluu dha.

1.4.2. Kaayyoo Gooree

2. Barattoonni Afaan Amaaratiin afaan hikkatan dubbisa Afaan Oromoo yeroo dubbisan rakkoo isaan mudatu addaan baasuu.
3. Barattoonni Afaan Amaaratiin afaan hikkatan dubbisa Afaan Oromoo yeroo dubbisan rakkoo isaan mudatuuf sababa maal akka ta'e ibsuu.
4. Rakkoowwan barattoonni kuniin Afaan Oromoo yeroo dubbisan isaan mudataniif yaada furmaataa eeruu.

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Firii yookaan argannoo qorannoo kanaatti qaamooleen fayyadamoo ta’uu danda’an isaan armaan gadii kanneen ta’u.

- Barsiisonni barnoota Afaan Oromoo yeroo dubbisaa barsiisan dogoggora barattoonni uuman sirreessuuf eeruu ni kennaaf
- Mannii barnootaa mana barumsaa keessatti barattoota Afaan Oromoo afaan 2ffaa isaanii ta’eef rakkoon kun akka isaan mudachuu danda’u hubatee kitaabbilee dubbisaa akka qopheessuuf isa gargaara.
- Qorattoota qorannoo walfakkaatu dhimmota dabalataa ta’an gaaggeessuu barbaadaaniif akka yaada ka’umsaatti tajaajila.
- Dabalataanis, ogeeyyii barnootaatiif ka’umsa rakkinnichaa adda baafachuun kitaabbilee fi qabiyee barnootaa fooyyeessuuf gargaara.

1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan gaggeeffamu aanaa Gurraa- dhaamolee Mana Barumsa sadarkaa 2^{ffaa} Jibrii keessatti qofa . Sababbiin isaatis barattoonni hedduun Afaan Oromoo akka afaan lammaaffaatti hiikkatan mana barumsa kana keessatti waan argamaniif qorattuun hojii idilee isiitiin naannoo kanatti ramadamtee waan hojjatuuf, sadarkaa fi kutaan barnootaa qorannoo kanaaf filatame barattoota afaan isaanii Afaan Amaaraatiin hiikkatanii kutaa 9^{ffaa}bara 2012 tti seenanii barachaa jiraniidha. Qorannoon kun barattoota Afaan Oromootiin afaan hiikkatan of keessatti hin hammatu. Sadarkaa fi kutaan barnootaa kuni sababni filatameef barattoonni kunniin mana barumsa keessatti hanga dhuma waggaatti yookaan hanga qorannon kun xumuramuutti mana barumsa keessa waan turanifiidha.

1.7. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon hojii adeemsa dheeraa, bu'aa bahii hedduu, qophii guddaa, odeeffannoo bal'aa, muuxannoo gahaafi obsa cimaa barbaadudha. Kanumarraa kan ka'e qorattuun qorannichi hanqinarra guutumatti bilisa ta'ee xumurame yaada jedhu hinqabdu. Kanaafuu, qorqttuun adeemsafi raawwii qorannichaa keessa danqaa ta'uu danda'u jettee yaadu keessaa muraasni.

- Yeroo barbaachisaa ta'etti odeeffannoo argachuuf gorsaa kootiin sababa neetworkiin ciccituuf bilbilaan walqunnamuu dhabuu. Rakkoo kana furuuf qaamaan karaa dheeraa geejjibaan imalee walqunnamuu fi hiriyoota dhiheenyatti argaman wajjiin mari'achuun odeeffannoo barbaachisaa ta'e argachuun furamee jira.

Kanaafuu,qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu dhiibbaa sadarkaalee adda addaa keessa darbuun kan xumura irra gahuudha. Kanumaan kan walfakkaatu qorattuunis qorannoo ishii kana keessatti bu'aa ba'ii keessa darbuun milkaa'ina qorannoo ishiitiif aarsaa kafaltee jirti.

1.8.Qindaa’ina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoqqoodamuun qindaa'ee kan dhihaateedha. Haaluma kanaan boqonnaa 1ffaa jalatti seen duuba, ka'umsa, kaayyoo, faayidaa, daangaafi hanqina qorannichaatu dhihaate.Boqonnaa 2ffaa keessatti sakatta'a barruutu mata duree adda addaa jalatti qoqqoodamuun dhihaate. Boqonnaa 3ffaa keessatti mala iddattoo fi iddatteessuu, mala odeeffannoon ittiin funaaname akkasumas, odeeffannoon qorannichaa ittiin qaacceffametu dhihaate.Boqonnaa 4ffaa keessatti odeeffannootu qaacceffamuun hiikkate jira.Boqonnaa 5ffaa keessatti immoo, hanqinoota turaniif goolabaafi yaada furmaataatu dhihaate.

BOQONNAA LAMA : SAKATTA'A BAARRUU

Seensa

Boqonnaa kana keessatti qorannoo kana wajjiin yaad-hiddamonni walitti dhuufenya qaban xiinxallamanii jiru. Kunis maalummaa dubbisaa ,barbaachisummaa dubbisaa,gahumsaan dubbisa dubbisuuf malaawwan barbaachisan, ka'umsa rakkowwaan duubbisaa, barattoonii dubbisa ennaa dubbisan rakkoowwan uumaniif dogoggoroonni tooftaa dubbisaa uumaman tartiibaan askeessatti laallamanii jiru.

2.1. Maalummaa Dubbisaa

Afaan meeshaa walqunnamtii ilmaan namaa fi faayidaa ol'aanaa hawaasummaa keessattii qabuun jireenya ilma namaatiif bu'uura. Kanaaf, dandeettiiwwan afaanii afran keessaa guddina waliigaltee keessatti gahee ol'aanaa kan qaban keessaa tokko dubbisa. Kunis ergaa barreeffamaan dabru adeemsa hubachuuti. Haata'u malee, yaad-hiddamni moggaasa kanaa haalli ittiin dubbatamu gara gara waan ta'eef salphumatti murtoo kennuun nama rakkisa. Barnoota wajjiin kan walqabatu garuu murtoo ragaa adeemsa barreeffama tokkorraa hubatamuu dha. smith,J.(1987) ragaa barreeffamaa adda baasuu fi hiika kennuufiin dandeetti nama dubbisuu fi beekumsa bu'uuraa kan gaafaatuudha. Dandeettii kanaa fi beekumsa dura jiru akkasumas tooftaa dubbisa gara garaa fayyadamuun yaada barreessaa wajjin walqunnamti kan ittiin uumuudha Wiliam ,E.(1990)

Adeemsa kanaan dubbisanii hubachuun akka jiraatuuf dubbisaan barreeffama keessatti mul'istoota eeruuwwan argaman fayyadamuun adeemsa ergaa ittiin fudhatuu fi hubannoo isaa ittiin gabbifatuudha. Kunis ergaa barreeffama haaraa yaada dursa sammuu keessa qabuun walittii firoomsaa kan ittiin qeebaluu fi yaanni haaraan sammuu keessatti kan ittiin uumamuudha carrel,P.J,Davine and D,Eskey,1988) Adeemsa kana keessatti hubannaa jalqaba tureen wantoota barreeffama keessaa argadha jedhee tilmaamu sirrii ta'ufi ta'uu dhabuu isa mirkaneeffachaa ykn sirreessaa hubannoo isaa cimsata. Kana gochuunis hiika jechaa walqabsiistota fi caaslugaa, gurmaa'insa yaadaa hubachuun irraa eeggama. Akkasumas barreeffama keessatti ifatti kan dhiyaatan yookaan qabxiiwwan hindhiyaanne adda baasuun yaadaa fi ergaa argame beekumsa dura qabu wajjin walittii gurmeessaa dandeettii hubachuu kan gaafatu waan ta'eef qindeessuu qaba . kanaafuu barataan dubbisa

yeroo dubbisu hiika jechootaa, walqabsiistota, caasluga, gurmaa'insa yaada hubachuun irraa eeggama. Akkasumas barreeffama keessatti qabxiiwwan ifatti dhiyaatan yookaan hin dhiyaanne adda baasuun yaadaa fi ergaa argame beekumsa dura qabu wajjiin walittii gurmeessuun dandeetti walmadaalchisuu kan gaafatu waan ta'eef dandeettii fooyya'uu yookiin dagaaguu qabuudha. Haaluma kanaan sirna barnoota sadarkaa 1ffaa bu'uura galma dubbisaa Moore & others, (1995) ennaa ibsu

- ✓ Asoosamoota gara garaa fi barreeffamoota adda addaa irraa jechoota hanga shantamaa of keessaa kan qaban barreeffamoota maxxanfamanii fi hin maxxanfamne dubbisuu.
- ✓ Gaaffilee dubbisan sirritti hubachuu (comprehension) fi waa'ee dubbisa dubbisanii ofittii amanamummaan deebisuu.
- ✓ Barreeffamoota dhugaa keessaa ragaalee bu'uuraa argachuu .
- ✓ Fedhii dubbisuu keessatti horatameen muuxannoo dubbisa gaarii agarsiisuu dhimmoota jedhan gochuu danda'uun irraa eeggama.

Galma gayiinsa dubbisa sadarkaa tokkoffaa milkeessuuf barsiisonni adeemsa barsiisuutiin gaheen ol'aanaan irraa eeggama. Sababni isaatis barattoota birattii hanqinnoota jiran sirreessuuf dhihoo waan jiruuf rakkkoowwan mul'atan waan hubataniifi dogoggoroota salphumattii adda baasuu waan danda'anif, akkasumas barsiisonni hifuu malee kutannoodhaan barsiisuu; kunis barataan dubbisaaf fedhii akka horatu dubbisa garagaraa ofitti nama harkisan barbaaduun dubbisiisuu; akkasumas barattootaa fi barsiisota gidduutti walitti dhufeenya gaariin jiraachuu qaba. Sababni isaatis jidduu isaanii qaawwi yoo jiraate sababa sodaa irraa kan ka'e gara galma barbaadamee gahuu waan hindandeenyeef barsiisonnii gahee ol'aanaa waan qabaniif gumaacha guddaa gochuutu irraa eeggama.

Galmoota dubbisa sadarkaa tokkoffaa kanneen ilaalchisee qorattoonnii xiinxallii isaaniitiin naannawa mana barumsaa sadarkaa 1^{ffaa} rakkoowwaan jiran ilaalchisee Imene,S. (2001) akka jettutti barattoonni manneen barnoota sadarkaa 1^{ffaa} hedduun isaanii dubbisuu dadhabuu isaanii manneen barnootaa akka mararfatan hubachifti. Dubbisuu kan dadhaban immoo rakkoo dandeettii barreessuu akka qaban akkasumas barsiisonni mana barumsaa hedduun isaanii fi

hooggansi sadarkaa sadarkaan jiru ka'umsi rakkoo kanaa rakkoo sirna barnootaa cal jedhee golaa golatti darbuuti jedhanii akka sababeeffatan ibsiti. Dabalataanis barsiisonni hedduu fi dura bu'oonni mana barumsaa maaliif barattoonni hedduun umrii eeggamuttii dubbisuu akka hin dandeenye ennaa gaafataman barsiisoonni dhimma baruu barsiisuu garaadhaan akka hin qabannee sababa kanaanis barattoonni danda'anis dadhabanis darbuun isaanii waan hin oolleef barsiisonni ofirraa baasa barsiisuu isaanittii jetti. Qorannoon kunis kan agarsiisuu rakkoowwan barsiisoota muraasa biratti rakkoo dubbisa barattootaa kan ta'e barsiisonni akka feeteedhaan barsiisuu dabalateeti. Kanaafis sababa ijoo kan ta'e sirna barnootaa ta'uu mul'isa. Sababni isaas barattoonni danda'anis dadhabanis kutaadhaa kutaatti waan darbaniif barnootaaf xiyyeeffannaa akka hin kennine ennaa taasisu karaa barsiisotaatiinis dandeettii barattootaa madaaluuf xiyyeeffannaa itti hin kennan.

Adeemsa kana keessatti dhimmi laaluu barbaade mana barumsaa keessattii barattoonni baratan dubbisa ennaa dubbisan dogoggora yeroo uuman waan argeefi madda rakkoo kanaa qorachuuf carraa argadheen rakkoo adda baasuu fi sababa rakkoo kanaa qorachuu danda'uu kooti. Kanaafuu, barattoonni kunniin Afaan Amaaraatiin ,afaan waan hirkataniif ta'inaa laata? sababni rakkoo kanaa maal ta'uu danda'a laata ? jedhu yeroo baay'ee gaaffii nakeessattii uumamaa tureef sababa rakkoo adda baasuun isa ijoodha. Sababni isaas maddi rakkoo ykn sababni rakkoo kana dhale erga adda bahee barattota gara dubbisa fooyyee qabuutti fiduuf (dandeettii dubbisuu isaanii akka gabbifatan gochuuf) haala mijjataa uuma .

2.2.Barbaachisummaa Dubbisuu

Dubbisuun dhala namaa dhuufaanis ta'e sadarkaa hawaasaattii guddina isaa kan ittiin ariifachisu ;eenyummaan isaa badee akka hin hafneef adeemsa ittiin eeggatee tursiifatuudha .Namni dubbisuu hin dandeenye dandeettiin adeemsaan waan hubatee beekuu fi ibsuu isaa waan dhagayuu fi argu irratti kan bu'uureffame ta'a ,sababa kanaaf ilaalchi nama kanaa madaala kan hin eegnee fi hirkataa ta'a Taylor,T. (1973) asirratti jala muranii ennaa dubbatan " daa'imni dubbisuu hin dandeenye irra caalaa barreesuus kan hin dandeenyee ta'a. Kanaafuu, beekumsi kalaqaa fi barreeffamni dhugaa kamiyyuu wareen dubbisuu hin dandeenyeef icciitii ta'a jedha." Ibsa kanarraa kan hubannu addunyaa hubachuudhaaf barreeffamni meeshaa barbaachisoo akka ta'ee fi namni hin dubbisnees ilaalchi namoota biroo itti fe'amuu akka danda'uudha. Sadarkaa hawaasaattis yoo ilaalee hawaasni aadaa

dubbisaa hin qabnee eenyummaa isa dura turee hin beeku waan ta'eef "Nuti eenyu ?" gaaffin jedhu yeroo hundaa fayyaa keessoo isaa isa dhoorka .Kanaafuu hawaasa keessatti dandeettiin barreeffama dubbisuu akka dagaaguuf aadaan waa dubbisani hubachuu cimuu qaba. Hawaasa tokko keessatti barreessitoonni akka uumamaniif dursa dubbistoonni jiraachuun dirqama ta'a Byrne,D.(1991). Kun kan nuttii agarsiisu dubbistoonni ennaa jiraatan barreessittonnis barreeffama gara garaa barreessuuf kaka'umsa waan horataniif yeroo gara garaatti barreeffamoota gara garaa barreessuu fi dhiyeessuuf dandeettii dubbisaa fooyyeffachuun yookaan rakkoo isaa furuun baay'ee barbaachisaadha. Kanaafuu dubbisuun ergaa barreeffamaan dhiyaate tokko adeemsa dubbiisaan raga adda addaa argachuuf raawwatuudha.

2.3.Dubbisa Gahumsaan Dubbisuuf Tooftaalee Barbaachisan

Akka Snow ,E.C.'Etal' .(1998) rakkoon dubbisuu mannen barnoota sadarkaa tokkoffaa keessatti dhimma ijoo ta'ee ka'a. Rakkoon kun garuu sadarkaa tokkoffaa keessatti qofa kan daangeffame osoo hin taane hanga mannen barnoota sadarkaa lammaffaattis rakkoon kun hidda gadi fageeffatee mul'ata. Barreeffama tokko gahuumsaan dubbisuufi dandeetti dubbisuu keenyaa guddisuuf sababoota hedduun akka jiraniifi Snow,E.C.'Etal' .(1998) yannii furmaataa kaa'an jiru

"Barataan tokko dandeettii dubbisuu isaa guddisuuf .qabxiiwwan armaan gadii irratti xiyyeeffachuu qaba" jedhu.isaanis:-

- Barreeffama tokko keessaa yaada ijoo isaa hubachuuf dubbisuu qaba.
- Fedhiin waliinii fi carraan irra deddeebinee dubbisuu jiraachuu qaba.
- Tartiiba ijaarsa qubee eeguudhaan tooftaa barreessuu barachuu qaba .
- Ijaarsa jechoota haasawaaf gargaaran hubachuu .
- Sagalee qubeewwanii irra deddeebinee adda baafachuu fi walitti ijaaruu.

Dandeettii dubbisuu keenya foyyeessuuf Snow, E.C.Etal,(1998). dabalataan dhimmoota tarreessan keessaa:-

- Sagaleen tokko tartiiba isaa eegee akkamitti akka bakka bu'u hubachuu .
- Kitaabota hedduu irra daddeebbiin duubisuun yaada bilchaataa horachuu .
- Beekumsa bu'uura gahumsa qabu horachuu

- Haasawa /barreeffama / tartiibawaa shaakaluu.
- Fedhii fi kaka'uusa walitti fufaan jirachuu qaba .Jechuun hayyoonni kun dandeetti dubbisuu guddisuu fi fooyyeessuuf dhimmoota kannen hordofuu fi raawwachuu akka nurraa eeggamu ibsu.

2.4.Dogoggooroota Tooftaa Dubbisaa

Baay'innaan tooftaaleen yeroo dubbisuu dogoggora ta'an jedhaman sadihi .isaanis:-

- sagalee dhaggeeffachaa dubbisuu
- Qubaan akeekaa dubbisuu fi
- of duuba deebi'aa dubbisuu dha.

2.4.1. Sagalee DhageeffachaaDubbisuu /subvocalizing/

Tooftaan dubbisaa kun daa'imman yeroo jalqabaatiif duubbisa ennaa shaakalan gochaa raawwataniidha. Haa ta'u malee, dubbistoonnii tokko tokko erga guddatanii boodas amala kana wajjiin guddachaa deemu.Dubbisni akka kanaa adeemsa qabiyyichaa hubachuu osoo hin taane adeemsa jecha jechaan lakkaayuu ta'a.Dabalataanis hiriyaa cinaa keenya taa'u jeequu ta'a.

2.4.2. Qubaan Akeekaa Dubbisuu /finger pointing/

Tooftaan dubbisaa kun haaluma walfakkaatuun daa'imman qubee duubbisan irratti xiyyeeffachuuf tooftaa itti dhimma bahaniidha. Haata'u malee, dubbisichi harkifataa fi jechoota lakkaayuu ta'a. Keessattu dubbisaan wanta dubbisu harkaan yoo hin qabannee fageenyarra wanta taa'e yoo ta'e dubbisicha dubbisuudhaaf ni rakkata.

2.4.3. Of Duuba Deebi'aa Dubbisuu

Dubbistoonni tokko tokkoo waan dubbisan of duuba deebi'uudhaan irra deebi'anii dubbisu .Kunis adeemsa saffisaan dubbisu dadhabsiisun yeroo ajjeesa .Haa ta'u malee, namoonni tokko tokko waan dubbisan hubachuuf tooftaa itti fayyaadaman waan ta'eef akka dogoggoraattii

laalamuu hin qabu; namoonni jedhan jiraatanis kanneen biroo immoo deddeebi’anii dubbiisuun mallattoo xiyyeeffannaa kennuu dhabuuti jedhu .

2.5. Ga’umsawwan Dandeettii Dubbisuu

Ga'umsa dandeettii dubbisuu jechuun dandeettii akka salphaatti ariittii madaalamaa, dogoggora maleefi sagalee barbaadamuun dubbisuu qabaachuudha.Namni tokko ga'umsa dubbisuu qabaachuu isaa qabxiilee kana sadaniin madaalamuun beekama.

2.5.1. Ariitiin Dubbisuu

Ariitiin dubbisuu jechuun namni tokko hagam daddafee dubbisuu akka danda‟uudha.Madaallii ariitiin dubbisuus barattootaaf yeroo kennuudhaan daqiiqaa tokko keessatti jechoota meeqa dubbisuu akka danda‟an shallaguudhaani.Dubbisaan giddugaleessi tokko daqiiqaa tokkotti hanga jechoota 120 dubbisuu qaba.Dubbisaan olaanaan immoo daqiiqaa tokkotti jechoota 850 dubbisuu qaba. (http/ /:www. Readingsoft.com.)

2.5.2. Sirrummaa

Adeemsa dubbisuu keessatti sirrummaan, jechoota dogoggora malee dubbisuu danda'uudha.Sirrummaa dandeettii dubbisuu barattootaa fooyyessuuf, dubbisa dubbisanii akka ofdhaggeeffatan taasisuun madaallii adeemsisuudhaan mirkaneeffama.

2.5.3. Ibsuu

Ibsuun dandeettii yemmuu dubbisa dubbisan waan namatti dhaga‟ame ibsuuf sagalee jijjiiruun dubbisuu danda‟uudha.Kana jechuunis akkaataa sagalee sirna tuqaalee dubbisa keessatti jiraniitti sirnaan dubbisuu danda'uudha. (http/ /:www.scholastic.com/teachers.)

BOQONNAA SADI:MALLEEN QORANNOO

3.1.Saxaxa Qorannichaa

Kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf odeeffannoowwan argaman walbira qabuufi gosa qorannoo makaa hojiirra oolee jira. Qorannoo kana gaggeessuf qorattuun saxaxa ibsaa fayyadamtee jirti .

3.2.Irraawwatama Qorannichaa

3.2.1. Filannoo Mana Barumsaa

Irraawwatamni qorannoo kanaa Naannoo Oromiyaa Godina Baalee Aanaa Gurraa-dhaamoleetti barattoota kutaa 9^{ffaa} Mana Barumsa Sadarkaa 2^{ffaa} Jibrii irratti kan raawwatameedha.Sababni isaas magaalaa Jibrii fi naannoo isheetti mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} waan hin jirreef gandoota naannoo magaalaatti argamanirraa barattoota dhufan karaa salphaa ta'een naannoo tokkotti argachuun waan dandamuufi. Qorattuunis mana barumsaa sana keessatti ogummaa barsiisummaatiin hojjachaa kan jirtu waan ta'eef rakkinnichi qabatamaan jiraachuu waan hubatteef barsiisotaa fi barattoota mana barumsaa irraa odeeffannaa quubsaa ta'ee argachuu waan dandeettuufi.

3.2.2. Sadarkaa Daree Barnootaa

Qorannoo kanaaf sadarkaan daree barnoota mijaa'aa ta'ee filatamu kutaa 9^{ffaa} dha.Sadarkaa kutaa kanaa filachuuf mala iddattoo akkaayyotti hojiirraa oolchite.Sababni isaas hanga xumura waggaatti mana barumsaa keessa waan turaniifi eddoo gara garaatti walitti waan dhufaniifi.

3.2.3. Filannoo Barattootaa

Qorattuun kan itti xiyyeeffatte barattoota Afaan Amaaraatiin Afaan hiikkatanii Afaan Oromoo akka afaan 2ffaatti barachaa jiran barattoota kutaa 9^{ffaa} keessaa mala iddattoo akkaayyoo tiin adda bahanii jiru. Sababni akkayyoon filatameefis kanneen odeeffannoo irraa argachuu dandeettu kan murteessitu kaayyoo fi ulaagaa qabdu irratti hundaa'uudhaan kan filatte waan ta'eefi..

3.2.4. Filannoo Barsiisotaa

Filannoon barsiisotaa kan irratti hundaa'u mala iddattoo Ammargee /mijataa yoo ta'u malli iddatteessuu kun kan fayyadu yeroo baay'inni deebistootaa xinnoo ta'ee qorattuun hamama argatterraa odeeffannoo funaannattuudha. Qorattuun qorannicha gaggeessuuf barsiisoota Afaan Oromoo dhiyeenyatti argatuufi odeeffannoo kennuu fii danda'an hunda fudhatee mala ittiin gaggeessiteedha.

3.3. Madda Odeeffannoo

Maddi odeeffannoo qorattuun qorannoo kana gaggeesuudhaaf itti faayyadamte madda Odeeffannoo sadarkaa 1^{ffaa} dha. Sababni qorattuun madda ragaa kana filatteefis namoota qorannoon sun kallattiidhaan ilaallaturratti waan xiyyeeffateefi isaaniis barattoota kutaa 9^{ffaa} fi barsiisoota Afaan Oromoo Mana Barumsaa Sadarkaa 2^{ffaa} Jibrii kutaa kana barsiisan irratti kan fuulleffateedha.

3.4. Iddattoo Qorannichaa

Baay'inni waliigalaa barattoota bara 2012 mana barumsa Jibrii sadarkaa 2^{ffaa} kan kutaa 9ffaa Dhiira 127, Dubara 83, Ida'ama 210 yoo ta'u, kanneen hunda irraa odeeffannoo fudhachuun waan ulfaatuuf carraa tasaa (Mala lotorii) fayyadamuun barattoonni 20 fudhachuun filataman. Kunis barattoota hundaaf carraa walqixa ta'e kennuuf yaadameti. Haaluma kanaan barattoota kutaa 9ffaa mana baruumsicha keessaa Dhiira 12, Dubara 8, Ida'ama 20 fudhatamanii jiru.Mana barumsichaa keessatti barsiisaan Afaan Oromoo barsiisu tokko qofa waan ta'eef innis mala ammargeetiin filatame jira.

3.5. Meeshaa Funaansa Ragaa

Adeemsa qorannoo keessatti akka gosa qorannichaatti,akka haala qoratamtootaatti, akka dandeettii qorattuutti, qoratuun qorannoo gaggeessuudhaaf akka diinagdeefi mallaqa qabutti malleen odeeffannoo ittiin funaanuuf gargaarudha. Hojii qorannoo tokko amansiisaa ta'e argachuuf ragaa amansiisaa ta'e argachuuf malli ragaan ittin funaannamu kan haala qorannoo sanaaf mijatu ta'uu qaba. Isaan kunis gosa adda addaa qabu. Haaluma kanaan qorattuunis haaluma qabatameen qorannoo ishee irratti hundaa'uun qorannoo kana galmaan geessisuuf odeeffannoo madda ragaa 1^{ffaa} irraa malleen daawwannaa bar-gaaffii fi af-gaaffii fayyadamuun gaggeessitee jirti.

3.5.1. Daawwannaa

Daawwannaan mala qorataan yeroodhaa yerootti bakka qorannootti argamuun odeeffanoo barbaachisu mataa isaatii funaanuu dha. Dabalataanis daawwannan tooftaalee funaansa ragaalee keessaa filatamaadha Kumar R,(1999). Namoonni ragaa kennuudhaaf yookaan waan arganii fi dhagahan dubbachuudhaaf hin onnatan. Kanaafuu adeemsa daawwannaa keessatti garuu waarri qorannoon irratti gaggeeffamu sunniin kaayyoo qorannichaa beekanis ta'ee osoo hin beekin daawwii gaggeeffamuun qorattuun ragaa barbaddee sassaabachuuf ishee gargaara. Kanaafuu daandeettii dubbisuu isaanii hubachuuf dareewwaan kutaa 9^{ffaa} jiran sadan keessatti barattoonni yeroo dubbisan rakkoowwan isaan qunnamu qorattuun daree barnootaa keessatti qaamaan argamuun dogoggoroota barattoonni uumaa turan adda baafachuuf daawwannaa gaggeessite jirti. Kayyoon daawwannan gaggeffamuu fi rakkoo barattoota muudatuuf eddoo kam kamitti akka ta'e addaan baasuufi ragaa sassaabdee jirti.

3.5.2. Bar- gaaffii

Meeshaan funaansa ragaa kun qorattuun odeeffannoo funaanuuf hojii baruu barsiisuu keessatti ragaa gahaa argachuudhaaf mala murteessaa waan ta'eef kan filatteedha. Kunis kan gaggeeffamu barattoota 20 (diigdama) akka iddattootti filatamaniifi barsiisaa Afaan Oromoo jiru tokkicha fudhachuun gaaffilee himoota gaggabaaboo fi jechoota afaan waalta'aadhaan waraqaa irratti qopheessuudhan deebii kennitootaaf dhiyaatee jira. Haaluma kanaan deebii isaanii barreeffamaan xiyyeeffannoo itti kennanii akka deebisan gochuudhaan bu'aa qorattuun barattootaa irraa argatte(bargaafii barattootaa fi barsiisotaaf dhihaaterraa deebii barattoonni kennan) dhugummaa isaa mirkaneeffachuudhaaf kan ittiin dhimma bateedha.

3.5.3. Af-gaaffii

Af-gaaffiin gosa odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessaa isa tokko ta'ee kan qorataafi namni odeeffannoon irraa funaannamu fuulleetti walarganii odeeffannoo waliif kennaniidha. Dabalataanis, irra deddeebinee gaafachuun ibsa dabalataa barbaannu odeeffannoo sirriitti argachuuf ni danda'ama.

Haaluma kanaan qorattuun barattootaa fi barsiisota ragaa af-gaaffiin irraa sassaabachuu dandeettu iddattoowwan irratti hundaa'uun barattootaa 9 fi barsiisaa barnoota Afaan Oromoo barsiisu 1 dhuunfaa dhuunfaan gaaffilee qophaa'an kan qulqullina qorannichaatiif ibsa dabalataa bal'innaan argachuuf jecha qorattuun yaadannoo qabachuudhaan af-gaaffiidhan odeeffannoo irraa kan sassaabatte ennaa ta'u, odeeffannoo argamerratti hundaa'uun walduraa duuba isaa eegdee yaadannoo qabatterraa qaaccessitee jirti. Gaaffileen qophaa'an kunniinis baa'inni isaanii kan barattootaafi barsiisotaaf dhiyaate kan barattootaa 6 fi kan barsiisaas 12 yoo ta'u, gosti gaaffileetis gaaffilee daangeffamoofi miti daangeffamoodha.

3.6. Mala Qaacceessa Ragaa

Ragaawwan qorannoo kanaaf barbaachisan karaalee adda addaa sadihin meeshaalee funaansa ragaatiin sassaabamee jira. Kunis barattootaa fi barsiisota irraa karaa bar-gaafii, af-gaaffii fi daawwiidhaan sassaabudhaan qaacceffamee jira. Ragaawwan qorannoo kanaaf galtee ta'an barattootaa fi barsiisotarraa karaa meeshaalee sassaabbii ragaa sadaniin sassaabamee hojiirra oolee jira. Ragaawwan af-gaaffiin, bar-gaaffii fi daawwannaan sassaabaman qindeessuun gara barreeffamaatti jijjiramanii jiru. Deebii argamerra dhaabbachuudhaan barattoonni Afaan Oromoo ennaa dubbisan eddoon isaan rakkisu eessa eessatti akka ta'e adda baafachuun qaaccessa ragaa chaartii fi irra deddeebiitti fayyadamtee qaaccessitee jirti. Akkaatuma odeeffannoo funaanname sanaan jechootaan ibsitee jirti. Kunis, kanneen jechaan taa'an xiinxaluun wantota dandeettii dubbisuu barattoota Afaan Oromoo irratti sababa ta'an meeshaalee ragaa garaagaraatiin funaanamee akka adeemsa sirrii ta'utti waliin walbira qabaa xiinxaluun jechaan kan ibsi itti kennameedha. Walumaa galatti bu'uura gaafiwwan ka'annin ragaawwan argaman sababa isaanii wajjiin qaaccessa ragaa chaartii fi irra deddeebiitti fayyadamuun qindaa'anii qaacceffamaniiru.

BOQONNAA AFUR: ODEEFFANNOO QAACCESSUUN HIIKA ITTI KENNUU

Boqonnaa kana keessatti xiyyeeffannoo qorannoo kanaa kan ta'e, rakkoo barattoonni Afaan Amaaraatiin afaan hiikkatan yeroo Afaan Oromoo dubbisan isaan mudatu xiinxaluudha.maddi rakkoo kanaa hubatamee furmaanni isaa maal ta'uu akka qabu odeeffannoo argatte qaaccessuufi hiikuun dhiyeessuudha. Haaluma Kanaan, mata-duree qorannoo kanaaf ragaaleen walsimatan walitti guuramanii jiru. Ragaalee walitti guuraman keessaa ragaa ijoo ta’an irratti hundaa’uun odeeffannoon qaacceffaman keessaa filatamaniiru. Odeeffannoon bar-gaaffii fi af-gaaffii irraa argamanis walcinaa qabamuun akka armaan gadiitti qaacceffamanii jiru.

4.1. Duubee Ragaa Kennitootaa

Qorannoo kana keessatti barattoonnii fi barsiisonni hirmaattota ta’an ilaalchisee odeeffannoo qorattuun argatte ibsuun dura duubee barattootaa fi barsiisota ragaa kennitoota ta’an , umrii, sadarkaa barnootaafi muuxannoo hojii barsiisummaa isaanii wajjiin akka armaan gadii kanatti ibsuuf yaalteerti

4.1.1: Seenduubee Barsiisaa Sadarkaa Barnootaa fi Muuxannoo Isaa Ibsu

Ragaa barsiisaa qorannoo kanaaf odeeffannoo qorattuuf kenne barnoota Afaan Oromoo barsiisuudhaan waggaa 19 (kudha sagal) kan tajaajile ennaa ta’u kanarraa hubachuun kan danda’amu barsiisaan kun muuxannoo barsiisummaa kan qabuu fi barnoota Afaan Oromoo yeroo dheeraadhaaf barsiisaa kantureedha. Sadarkaan barnootaa isaatis digrii 2^{ffaa} muummee Afaan Oromoo fi Og-barruutiin eebbifamee kan tajaajilaa jiru waan ta’eef odeeffannoo kennuun tajaajila kennee jira.

Gabatee: 4.1. Seenduubee barattoota waliigala ragaa kennuuf iddaatteffamanii

T.L	Teessoo	Baay'ina barattoota walii galaa			Afaan dhalootaa								
					Afaan Oromoo			Afaan Amaaraa			Afaanota biroo		
		Dhi	Dub	W/t	Dhi	Dub	W/t	Dhi	Dub	W/t	Dhi	Dub	W/t
1	Magaalaa jibrii M/b sad.2^{ffaa} jibrii	126	84	210	99	67	166	22	14	36	6	2	8

Gabatee 4.1 keessatti ibsamuuf akka yaalametti odeeffannoo kennitoota ijoo qorannoo kanaa ta'uun barattoonni tajaajilan saalaa fi afaan dhalootaa isaanii wajjiin kan ibsamaniidha.Barattoota kanniin keessaa 36 Afaan Amaaraatiin afaan isaanii kan hiikkatan waan ta'aniif daangaa qorannoo kootiiti.Barattoota kanneen keessaa odeeffannoo kennuuf dhiira 12 fi dubartoota 8 gaafannoo barreeffamaa kan guutan ennaa ta'an af-gaafiidhaaf immoo barattootuma kana keessaa barattoonni sagalii hirmaattota ta'aniiru.Kanneen keessaa dhi 6 fi dub 3 tu hirmaate.

Haaluma boqonnaa tokko jalatti ibsameen kaayyoon gooroo qorannoo kanaa barattoota Afaan Amaaraatiin afaan isaanii hiikkatan yeroo Afaan Oromoo dubbisan rakkoo isaan mudatu xiinxaluudha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf gaaffiiwwan armaan gadii deebi'anii jiru. Kunis yeroo dubbisaa rakkoowwan isaan qunnaman,ka'umsa rakkoowwanii fi yaanni furmaataa maali? Gaaffiiwan jedhaniif deebii kennuudhaaf barattoonnii fi barsiisonni gaaffilee barreeffamaa,af-gaaffi fi daawwannaa daree meeshaalee funaansa ragaalee ta'anii tajaajilanii jiru.Gaafileen barreeffamaa fi af-gaafiin barattootaa fi barsiisota odeeffannoo kennuu dhaaf filataman irraa ragaan sassaabamee jira.Haaluma kanaan Odeeffannoon argame balballoomsamee jira.

4.2. Barattoonni Afaan Oromoo Ennaa Dubbisan Rakkoowwan isaan Mudatu

Gabatee 4.2. Rakkoowwan barattoonni yeroo dubbisa dubbisan isaan mudatu beekuuf gaaffiiwwan dhihaatan.

T.L	Gaaffilee	Filannoowwan	Baay'ina	Dhibbentaa
7	Barattoonni dubbisuudhaaf kan rakkatan dadhabbinna barattootaatirraa kan dhufe jettee kan tilmaamtu yoo ta'e dadhabina kanaaf sababa kan ta'e maal jettee yaadda?	A. Haalli kenniinsa barnootaa mijataa ta'uu dhabuu	8	40
		B. Rakkoo dhuunfaa barataa	9	45
		C. Haalli daree barnootaa hojii baruu barsiisuutiif mijataa ta'uu dhabuu	1	5
		D. Kitaabbileen gara garaa mana kitaabaa keessatti guuttamuu dhabuu.	2	10
		Eda'ama	20	100
8	Adeemsa dubbisa dubbisuu keessatti rakkoon kan siqunnamu maal irratti?	A. Qubee dachaa sirritti jechuu dadhabuu irratti	8	40
		B. Jabinaa fi laafina jechootaarratti	6	30
		C. Dheerinaa fi gabaabina jechootaa irratti	6	30
		Eda'ama	20	100

14	Maatiin kee ilaalchi barnoota Afaan Oromootiif qaban maal fakkaata?	A. Baa'ee ol"aanaa	1	5
		B. Ol'aanaa	2	10
		C. Gad'aanaa	11	55
		D. Baa'ee gadaanaa	6	30
		Eda'ama	20	100

Gabatee 4.2 irratti barattoota gaafannoo dhihaateefii guutan 20 irraa hubachuu kandandeenye barattoonni dubbisa dubbisuuf kan rakkatan 9(45 %) rakkoo dhuunfaa barataa irraa kan ka'e ennaa ibsan, 8(40%) haalli kenniinsa barnootaa mijataa ta'uu dhabuu isaa ibsu. 2(10 %) fi 1(5 %) Kitaabbilee gara garaa argachuu dhabuu isaaniitii fi mana kitaabaa keessatti guuttamuu dhabuu kitaabotaa fi dareen barnootaa mijjataa ta'uu dhabuu isaanii ibsu.Gaafannoo lammaffaa jalatti immoo,barattoonni adeemsa dubbisa dubbisuu keessatti rakkoowwan isaan qunnaman maal akka ta'e ennaa ibsan 8(40 %) qubee dachaa sirriitti jechuu dadhabuu irratti rakkoo akka qaban ennaa ibsan,6(30 %) immoo ennaa dubbisan jabinaa fi laafina jechootaa adda baafachuu dadhabuun rakkoo akka itti ta'e ibsu. Isaan 6(30 %) ta'an immoo dheerinaa fi gabaabina jechootaa irratti rakkoo akka qaban agarsiisa.Gaafannoo sadi jalatti ibsamuuf akka yaalametti maatiin barattootaa barnoota Afaan Oromootiif ilaalchi qaban hammami? gaffii jedhuuf deebiin kennan 11(55%) Gadi aanaa, 6(30 %) baa'ee gadi aanaa akka ta'ee ,ola'aanaan 2(10 %) fi baa'ee ol'aanaan 1(5 %) akka ta'e ibsaniiru.Deebiin armaan olitti kenname kun kan namatti agarsiisu rakkoo dubbisuu barattootaatiif, qubee dachaa sirritti jechuu dadhabuu, Jabinaa fi laafina , dheerinaa fi gabaabina jechootaa akkasumas ilaalchi maatii barattootaa xiyyeeffannoo barnoota birootiif jechuunis barnoota saayinsii fi afaan alaa(Afaan Ingiliiziitiif) kennaniin barnoota kana barattoonni akka qo'atan jajjabeessuu dhabuu fi deeggaruu dhabuun deebii barattoonni kennan irraa hubachuun danda'ameera.

Gabatee 4.3.Barattoonni Afaan Oromoo yeroo dubbisan rakkoo isaan muudatu ilaalchisee

T.L	Gaafannoowwan	Filannoowwan	Ida'ama	dhibbentaa
3	Qubee dachaa sirritti jechuu dadhabuu irraa kan ka'e dandeettii dubbisuu keetii hammam faallessa?	5. Baa'ee ol-aanaa	4	20
		4. Ol-aanaa	14	70
		3. Giddu galeessa	2	10
		2. Gad-aanaa	-	-
		1. Baa'ee gad-aanaa	-	-
		Ida'ama	20	100
5	Maatii kee waliin Afaan Oromootiin hammam walii galta?	5. Baa'ee ol-aanaa	7	35
		4. Ol-aanaa	5	25
		3. Giddu galeessa	4	20
		2. Gad aanaa	3	15
		1.Baa'ee gad-aanaa	1	5
		Ida'ama	20	100
6	Naannoo itti guddattetti barattoota Afaan Oromoo dubbattan waliin walitti	5. Baa'ee ol-aanaa	-	-
		4. Ol-aanaa	3	15

	dhufeenyi qabdu hammami?	3. Giddu galeessa	8	40
		2. Gad aanaa	2	10
		1. Baa'ee gad-aanaa	7	35
		Ida'ama	20	100
10	Dubbisa yeroo dubbistu jechoonni laafanii fi jabaatanii dubbifaman adda baaftee dubbisuuf hammam si rakkisu?	5. Baa'ee ol-aanaa	15	75
		4. Ol-aanaa	5	25
		3. Giddu galeessa	--	-
		2. Gad aanaa	-	-
		1. Baa'ee gad-aanaa	-	-
		Ida'ama	20	100

Gabatee 4.3. keessatti **r**agaan gaafii lakkoofsa 3 jalatti akka agarsiisutti 70 % kan ta'an barattoonni irra caalaan qubee dachaa sirritti jechuu dadhabuu fi hubachuu dhabuu irraa kan ka'e dandeettii dubbisuu isaanii faallessuun ol'aanaa ta'uun isaa ibsameera. Kanaafuu, barsiisonni rakkoo kana furuuf gahee isaanii bahuu qabu. Gaafii lakkoofsa 5 jalatti deebii deebi'erraa hubachuu kan dandeenyu 35% irra caalaan barattootaa maatii isaanii waliin kan walii galan Afaan Oromootiini. Maatiin barattootaa ijoollee isaanii waliin Afaan Oromootiin walii galanis maalummaa fi keessoo afaanichaa sirritti beekanii adda baasuu dhabuun isaanii walii galuu bira darbee ijoollee isaaniitiif dandeettii dubbisuu isaanii akka fooyyeffatan faayidaan kenneef hin jiru.

Nama tokkoof naannoon itti guddate afaan dubbatuuf murteessaadha. Dabalataanis naannoon ijoolleen itti guddattu dubbisaaf yookiin barnootaaf xiyyeeffannoo kan hin kennine, maatiin isaanii harka qalum'aa fi jireenya tasgabbii hin qabne keessa yoo jiraatan daa'imman yeroodhaan gara mana barumsaa deemuu hin danda'an. Sababa kanaan hiriyoota umrii isaaniitiin walgitan irraa duubatti hafu;haalli kuni immoo mana barnootaa ennaa seenan rakkoo itti uuma.Gaafannoo lakkoofsa 6 irratti barattoonnis deebiin deebisan akka agarsiisutti 8(40 %) sadarkaa giddu galeessatti akka walii galan yeroo ibsan,7(35 %) immo dubbattoota Afaan Oromoo waliin sadarkaa baa'ee gad-aanaadhaan akka wliigalaniin ibsanii jiru. Kan hafan 3(15 %) sadarkaa ol-aanaa fi 2(10 %) sadarkaa gad aanaatti dubbattoota Afaan Oromoo wajjiin akka walii galan ibsanii jiru.

Haala gaafannoo ragaa lakkoofsa 10 dubbisa yeroo dubbistu jechoonni laafanii fi jabaatanii dubbifaman adda baaftee dubbisuuf hammam si rakkisu? Jedhuuf 15(75 %) sadarkaa baa'ee ol-aanatti akka isaan rakkisu kan ibsan ennaa ta'u ;5(25 %) kan ta'an immoo sadarkaa ol-aanatti akka isaan rakkisu ibsanii jiru.Gabatee kana keessatti ibsuuf akkuma yaalame 15(75 %) deebistoonni ta'an dubbisa ennaa dubbisan jechoota laafanii fi jabaatanii dubbifaman adda baafachuuf akka rakkatan ennaa ibsan, kan kanarraa hafan,5(25 %) kan ta'an immoo rakkoma walfakkaatuun sadarkaa ol-aanaatti akka isaan rakkisu osoo hin dhoksin ibsanii jiru.

Gabatee 4.4. Barattoonni Afaan Oromoo yeroo dubbisan rakkoo isaan mudatu adda baasuuf gaaffilee dhiyaatan

T.L	Gaafannoowwan	Filannoowwan	Ida'ama	Dhibbentaa
1	Sagantaa barnoota Afaan Oromootin barattoota hammamiitu daree barnootatti argama?	5. Baa'ee ol-aanaa	-	-
		4. Ol-aanaa	-	-
		3. Giddu galeessa	1	100
		2. Gad aanaa	-	-
		1.Baa'ee gad- aanaa	-	-

		Ida’ama	1	100
4	Barattoota afaan dhalootaa fi afaan lammataa gidduu garaa garummaan dubbisa sirritti dubbisuu hammam tokko garaagarummaan jira?	5. Baa’ee ol-aanaa	1	100
		4. Ol-aanaa	-	-
		3. Giddu galeessa	-	-
		2. Gad aanaa	-	-
		1.Baa’ee gad- aanaa	-	-
		Ida’ama	1	100
6	Barattoonni isin barsiiftan fedhiin barnoota Afaan Oromoo barachuuf qaban hammam tokko?	5. Baa’ee ol-aanaa	-	-
		4. Ol-aanaa	-	-
		3. Giddu galeessa	1	100
		2. Gad aanaa	-	-
		1. Baa’ee gad- aanaa	-	-
		Ida’ama	1	100
7	Barattoota yeroo dubbisa dubbisiistan dogoggorri isaan mudatu hammami?	5. Baa’ee ol-aanaa	-	
		4. Ol-aanaa	1	100
		3. Giddu galeessa	-	-
		2. Gad aanaa	-	-

		1. Baa'ee gad- aanaa	-	-
		Ida'ama	1	100
8	Dogoggorri isaan mudatu hammam wal fakkaataadha?	5. Baa'ee ol-aanaa	-	
		4. Ol-aanaa	1	100
		3. Giddu galeessa	-	-
		2. Gad aanaa	-	-
		1. Baa'ee gad- aanaa	-	-
		Ida'ama	1	100

Gabatee 4.4.**k**eessatti akkuma ibsame barsiisaan mana barumsaa keessatti argamu qorattuu waliin barsiisota lama qofa ennaa ta'an qorattuun barsiisaa hafe tokkicha irraa ragaa jiru funaannattee jirti.Haaluma kanaan sagantaa barnoota Afaan Oromootin barattoota hammamiitu daree barnootatti argama? Gaaffii jedhuuf deebiin argame 1(100 %) sadarkaa giddu galeessatti kan ibsame ennaa ta'u sagantaa kanarratti barattoonni hundinuu akka hin argamne namatti agarsiisa.Kun immoo hojiiwwan fi shaakala dubbisa gara garaa barsiisaan kennamu waan hin hojjanneef barnoota quubsaa hin arganne jechuudha.Kun immoo barattoonni dandeettii dubbisuu isaanii akka hingabbifanne yookiin hin fooyyeffanneef carraa uuma.

Gaafannoo lakkoofsa 4 jalatti barattoota afaan dhalootaa fi afaan lammataa gidduu garaa garummaan dubbisa sirritti dubbisuu hammam tokko garaagarummaan jira?gaafii jedhuuf sadarkaa baa'ee ol-aanatti 1(100 %) deebiin kennamee jira. Kana jechuun immoo barattoonni afaan lammaffaa barattoota afaan dhalootaatiin walbira qabamee yoo ilaallamu dandeettin dubbisuu isaanii addaan fageenya baa'ee ol'aanaa fi rakkoon cimaan akka jiru namatti mul'isa.

Haala gaafannoo tartiiba lakkoofsa jahaffaatiin gaaffii barattoonni isin barsiiftan fedhiin barnoota Afaan Oromoo barachuuf qaban hammam tokko? jedhuuf 1(100 %) sadarkaa giddu galeessaatiin deebiin kennamee jira. Kanarraa kan hubannu fedhiin barattoonni dandeettii dubbisuu isaanii fooyyeffachuuf qaban hammas mara waan itti dhimmaman hin fakkaatu; kuni immoo dandeettii dubbisuu isaanii fooyyessuuf kan isaan rakkisu ta'a.

Haala ragaa argameen barattoota yeroo dubbisa dubbisiistan dogoggorri isaan muudatu hammami?gaaffii jedhuuf deebiin argame 1(100 %) sadarkaa ol-aanaadhaan dogoggorri akka uumamu hubachuun danda'amee jira.Deebii kanarraa hubachuun kan danda'amu barattoonni dubbisa ennaa dubbisan rakkoon hanqina dandeettii dubbisuu akka isaan mudate namatti agarsiisa.

Gaafannoo tartiiba lakkoofsa 4 jalatti dogoggorri barattoota mudatu hammam wal fakkaataadha? Gaafii jedhamee gaafatameef deebiin argame 1(100 %) sadarkaa ol-aanatti dogoggorri yeroo dubbisa dubisan uuman akka wal fakkaatu agarsiisa.

Gabatee 4.5. Barattoonni Afaan Oromoo yeroo dubbisan rakkoo isaan mudatu ilaalchisee

T.L	Gaafannoowwan	Filannoowwan	Ida'ama	dhibbentaa
3	Barattoonni yeroo dubbisan dogoggora sagalee jabaa fi laafaa ni uumuu?	5. Baa'ee ol-aanaa	-	-
		4. Ol-aanaa	1	100
		3. Giddu galeessa	-	-
		2. Gad aanaa	-	-
		1.Baa'ee gad- aanaa	-	-
		Ida'ama	1	100
5	Barattoonni yeroo dubbisan	5. Baa'ee ol-aanaa	-	-

	dogoggora sagalee dheeraa fi gabaabaa ni uumuu?	4. Ol-aanaa	1	100
		3. Giddu galeessa	-	-
		2. Gad aanaa	-	-
		1.Baa'ee gad- aanaa	-	-
		Ida'ama	1	100
8	Barattoonni yeroo dubbisan dogoggora qubee dachaa ni uumuu?	5. Baa'ee ol-aanaa	-	-
		4. Ol-aanaa	1	100
		3. Giddu galeessa	-	-
		2. Gad aanaa	-	-
		1. Baa'ee gad- aanaa	-	-
		Ida'ama	1	100

Daawwannaan kun yeroo gaggeeffamu rakkoowwan dubbisuu arge keessaa tokko barattoonni yeroo dubbisan dogoggora sagalee jabaa fi laafaa uumuudha. Kunis gabatee 4.6 akkuma agarsiisutti 1(100 %) sadarkaa rakkoo ol-aanaa keessatti kan ibsameedha. Kanaafuu barsiisaan barattoonnii dandeettii dubbisuu haala barbaadameen akka fooyyeffataniif wantoonni raawwachuu qaban keessaa tokko dogoggora sagalee jabaa fi laafaa akka fooyyeffatan deeggaruu akka qaban nu hubachiisa. Haaluma walfakkaatun barattoonni dubbisa yeroo dubbisan dogoggora sagalee dheeraa fi gabaabaa 1(100 %) sadarkaa rakkoo ol-aanaa keessatti kan ibsameedha. Kanaafuu haaluma gubbaatti sagalee jabaa fi laafaa keessatti deeggarsa barbaachisu as jalattis deeggarsa wal irraa hincinne gochuufiin barbaachisaadha. Barattoonni yeroo dubbisan dogoggora qubee dachaa ni uumuu gaafii jedhu wajjiin walqabatee immoo sadarkaa ola'aanatti rakkoon kuni kan mul'atu ta'ee keessattuu

qubeewwan dachaa keessaa qubee “dh” gara qubee ‘‘d’’ tti harkisuudhaan garaagarummaan hiikaa akka mudatu ta’ee jira. Kuni immoo yeroo dubbisaa rakkoo ka’umsa dandeettii dubbisaa dadhabuu ta’ee mul’ata.

Barattootaa fi barsiisonni yeroo daawwannaan gaggeeffamu barattoonni Afaan Oromoo ennaa dubbisan rakkoowwan isaan mudatu akka itti aanutti ibsanii jiru. Kanneen keessaayis barattoonni kan kanatti anee jiru kana jedhanii jiru.

Barattoonni gaaffii banaadhaan deebii deebisan;Barattoonni gaafannoo kana guutan dubbisuudhaaf wantoota rakkoo isaanitti ta’e enna ibsan jechoota sagalee jabaafi laafaa qaban adda baasanii beekuu dhabuu, jechoota sagalee dheeraa fi gabaabaa qaban adda baasanii beekuu dhabuu,qubeewwan dachaa sirritti adda baasanii jechuu dadhabuun isaan ijoodha. `Dabalataanis dubbisa dubbisuudhaaf wantoota rakkoo isaanitti ta’u karaa barattootaatiin kaka’umsaa dhabuu , fedhii dhabuu fi hanqina hubannaa dhabuu ennaa ta’u ; hawaasni keessa jiraatan birattis aadaan dubbisuu bal’inaan jiraachuu dhabuun isaa rakkoo mataasaa danda’eedha. Gama birootiin qabiyyeen dubbisa kitaabbilee barnootaa keessatti hammatamee jiru caalaatti dubbisuuf kan nama hin kakaafnee fi Kitaabni barnootichaa dubbisaaf xiyyeeffannoo kennuu dhabuun rakkoo dubbisuu dhabuu barattootaatiif sababa ta’ee jira.

Dabalataanis barattoota afaan lammaffaa ta’an ilaalchisee barsiisaan af-gaaffiif dhiyaate yeroo barsiisu rakkoon dubbisuu barattootaa ol’aanaadha. Sababni kuni ta’uu danda’eef sagalee jabaa fi laafaa adda baafachuu dadhabuu fi qubeewwan dachaa sirriitti adda baafachu dadhabuun rakkoo ijoo ta’ee mul’atee jira. Gama birootiin immoo hiika jechootaaf kennuu dadhabuu fi akkaataa barsiisonni hojii manaafi hojii golaa kennaniin barattoonni hojjatanii yeroo dhufan dogongoroonni uuman yeroo hunda deddeebisanii dubbisuu dhabuurraa kan ka’e kanumaan walqabatee immoo barattoota biratti dubbisuu nuffuun biratti mul’ata. Karaa biraatiin jechoota haaraa dubbisa keessa jirani hiika kallattii isaanii hubachuu dadhabuudha jechuudhaan rakkoo dubbisuu ibsanii jiru.

Barattoota af-gaaffiidhaaf dhihaatan keessaa baay’een isaanii Afaan Oromoo kan jaalatanii fi dandeettii dubbisuu isaanii gabbifachuudhaaf heyyamamoodha. Haata’u malee, dubbisa Afaan Oromoo ennaa dubbisan kan isaan rakkisu sagalee jabaa fi laafaa ,sagalee gabaabaa fi

dheeraa akkasumas qubeen dachaa sirriitti adda baasanii beekuu dhabuudha. Dabalataanis barnoota Afaan Oromoo seemisteera tokkoffaa torbanitti al tokko daqiiqaa afurtamaaf seemisteera lammaffaa torbanitti al lama daqiiqaa saddeettaamaaf ta'uun isaa barsiisonni barnoota dubbisaa akka barbaadanitti dubbisiisuu waan hin dandeenyeef barattoonni dandeettii dubbisa Afaan Oromoo akka hin gabbifanneef gufuu itti ta'ee jira.Carraa dubbisuu akka tasaa osoo argataniiyyuu sodaa fi barattoonni daree keessaa dogoggora uumuun natti kolfu jechuudhaan sodaa qaban dubbisarratti rakkoowwan uumaman ibsanii jiru.

Yeroo af-gaafii barsiisonni dubbisa yeroo barsiisan rakkoowwan isaan mudatan fedhii dhabuu barattootaa,hayyamamaa ta'uu dhabuu,kaka'umsa dhabuu ,jechoota sagalee gabaabaa fi dheeraa ,jabaafi laafaa hubachuu dadhabuu, qubee dachaa "dh" gara qubee "d" tti jijjiiruun dubbisuu ta'uusaa ibsanii jiru.Kana booda rakkoowwan tarreeffaman kanaaf sababni afaan dhalootaa isaanii yoo ta'u furmaata ni ta'a jedhamee gama barsiisotaatiin kan kaa'ame barnoota Afaan Oromoo barattoonni yeroo barnoota jalqaban irraa kaasee osoo baratanii sagalee jabaa,laafaa,dheeraa gabaabaa fi qubee dachaa seeraan jechuu ni danda'u. Dabalataanis barattoonni afaanichaaf kakka'umsa akka qabaataniif jajjabeessuu fi maatiin barattootaa faayidaa afaan qabu osoo isaan hubachiisanii fi barsiisanii afaanicharratti dandeettii gahaa horachuu danda'u.

Gama birootin sagantaan gosa barnoota Afaan Oromootiif kenname gahaa ta'uu dhabuu irraa kan ka'e qabiyyee dubbisuu kitaabichi hammate sagantaa kenname keessatti gahumsaa fi yeroon xumuruun hin danda'amu. Sababni isaatis sagantaan barnootaa xiqqaachuu irraa kan ka'e barsiisaan tokko qabiyyee dubbisaa osoo kennee dubbisa dubbisiisuudhaan qofa daqiiqaan 40 ni dhumata.Barnoota Afaan Oromoo keessatti qabiyyeewwan hammataman daqiiqaa 40 keessatti waan hin xumuramneef barsiisaan qabiyyee jalqabe xumuruudhaaf jecha dafee dafee barsiisuudhaan barattoota sirnaan hordofuuf yeroon itti xiqqaata.Kana waliin walqabatee dubisni guyyaa guyyaadhaan qabiyyee keessatti waan hammatamuuf sagantaa kennameefiin tokko afraffaa qofa barsiisonni yeroo fayyadaman ni mul'atu.haa ta'u malee qabiyyeewwan birootis kana caalaa barsiisuudhaaf yeroon hin argamu. Dabalataanis daree tokko keessatti baay'achuun barattootaa adeemsa baruu barsiisuutiif hudhaa ta'ee mul'ata. Sababni isaatis daree tokko keessatti baay'achuu barattootaa irraa kan ka'e daqiiqaa afurtama kennameef keessatti barattoota hundaaf duub-deebii kennuun waan hin

danda'amneefi jechuudhaan ibsanii jiru. Rakkoowwan dubbisaatiin wal qabatee ragaawwan argaman keessaa ijoon fedhii dhabuu,barnootaaf xiyyeeffannoo kennuu dhabuu,haalli kenniinsi barnootaa mijataa ta'uu dhabuu fi dhibbaan afaan dhalootaa dandeetti dubbisuu afaan lammaffaa irratti dhiibbaa uumeera.

Walumaa galatti tooftaa meeshalee funaansa ragaa sadan irraa odeeffannoowwan argaman akka mul'isanitti dhmmoonni rakkoolee dubbisuu ta'an walfakeenya akka qaban bu'aa argamerraa hubachuun danda'amee jira. Kunis barattootaan rakkoon argame barsiisotaa fi daawwannaadhaan kan argame waliin wal fakkeenya qaba.

4.3. Barattoonni Afaan Oromoo ennaa dubbisan rakkoowwan isaan muudatuuf wantoota sababa ta'an

Gabatee 4.6. Fedhii barattoonni dubbisa Afaan Oromootiif qaban agarsiisu

T. L	Gaafannoo	Filannoo	Baa'ina	dhibbentaadhaan
1.	Afaan Oromoo jaalattaa?	A. Baa'ee baa'ee jaaladha	-	-
		B. baa'ee jaaladha	5	25
		C. Ni jaaladha	3	15
		D. Hin jaaladhu	12	60
		Ida'ama	20	100
2	Gaaffii lakkoofsa tokko jalatti deebiin kee "D" yoo ta'e sababni kee	A. Barnoonni waan naaf hin galleef.	5	25
		B. Waan hin barbaanneef	10	50

	maalinni?	C. Hawaasa wajjiin waan itti walii hin galleef	3	15
		D. Baradhus barachuu baadhus waan beekuuf	2	10
		Ida'ama	20	100
3.	Yeroo sagantaa barnoota Afaan Oromoo daree keessatti argamtaa?	A. Yeroo hunda nan argama.	7	35
		B. Irrajirii nan argama	3	15
		C. Ji'atti yeroo tokko nan argama	-	-
		D. Irra jirii hin argamu	10	50
		Ida'ama	20	100
4.	Gaaffii lakkoofsa sadi jalatti deebiin kee "D" yoo ta'e sababni kee maalinni?	A. Barnoonni waan naaf hin galleefi	6	30
		B. Irra jirii waan itti hin fayyadamneefi	10	50
		C. Salphaa waan ta'eefi	3	15
		D. Waanin beekuu fi	1	5
		Ida'ama	20	100
5	Barsiisaan dubbisa	A. Yeroo hunda kennu	2	10

.	shaakalchiisuuf hojii manaa kennaa?	B. Irra caalaa ni kennu	8	40
		C. Yeroo tokko tokko ni kennu	9	45
		D. Kennanii hin beekan	1	5
		Ida'ama	20	100
6	Barsiisaan hojii mana yookiin hojii golaa kennan soroorsanii barattootaaf deebisuu?	A. Guutumaan guututti soroorsanii ni deebisu	-	-
		B. Darbee darbee nideebisu	13	65
		C. Irra caalaa nideebisu	7	35
		D. Deebisanii hin beekan	-	-
		Ida'ama	20	100
11	Barattoonni dubbisa yeroo dubbisan rakkoowwan barattootaan uumamaniif sababa ta'uu danda'a jettee kan yaaddu kami?	A. Hanqina barsiisuu barsiisotaa.	2	10
		B. Kitaabni barnootaa dubbisaaf xiyyeeffannaa kennuu dhbuu	5	25
		C. Dhiibbaa afaan dhalootaa	13	65
		D. Kan biroo	-	-
		Ida'ama	20	100
13	Barattoonni Afaan	A. sirritti walii gala	1	5

	Amaaraatiin afaan hiikkatan Afaan Oromootiin dubbisuuf fedhii niqabu yaada jedhuun walii galtaa?	B. walii gala	7	35
		C. yeroo tokko tokko walii gala	6	30
		D. Goonkuma walii hin galu.	6	30
		Ida'ama	20	100

Gabatee 4.6. irratti ragaa dhihaate bu'uureffachuun barattoonni fedhii dubbisa Afaan Oromootiif qaban hammam tokko akka ta'e adda baafachuuf barattoota gaafannoo guutan 20 keessaa Afaan Oromoo hammam tokko akka jaalatan yeroo gaafataman 12(60%) akka hinjaalanne,5(25 %) baa'ee akka jaalatanii fi 3(15 %) akka jaalatan ibsanii jiru.Kana waliin walqabatee tartiiba lakkoofsa sadi irratti sababni hinjaalanneef maali jedhamanii ennaa gaafataman 10(50 %) Waan hin barbaanneef,5(25 %) barnoonni akka hin galleef ,3(15 %) hawaasa waliin waan ittiin walii hingallee fi 2(10 %) baradhus barachuu baadhuus waanan beekuuf yaada jedhu kennanii jiru.Gabatee kanarraa hubachuun akka danda'amutti barnootichaaf ilaalchi qaban gadi aanaa ta'uu isaati. Kanaafuu barnoota dubbisaatiif rakkoon tokko fedhii dhabuu ta'uusaa agarsiisa.

Tartiiba lakkoofsa afur irratti barattoota gaafannoo guutan 20 keessaa Yeroo sagantaa barnoota Afaan Oromoo daree keessatti argamtaa? jedhamanii yeroo gaafataman deebiin kennan 10(50 %) irra caalatti daree keessatti akka hin argamne yeroo ibsan, 7(35 %) akka dareetti argaman ibsanii jiran. 3(15 %) immoo yeroo baa'ee nan argama jedhanii deebisanii jiru. Bu'uuruma gaafii kanaatiin yeroo baa'ee sababni hinargamneef 10(50 %) irra caalaa waan itti hin fayyadamneefi jechuudhaan deebii kennanii jiru. 6(30 %) immoo barnootichi waan hingaleef ta'uusaa ibsanii jiru. 3(15 %) fi 1(5 %) immoo barnootichi waan natti salphatuu fi waanaan beekuu fi deebii jedhu kennanii jiru.

Tartiiba lakkoofsa jaha irratti gaaffii barsiisaan dubbisa shaakalchiisuuf hojii manaa kennaa? Jedhamanii gaafatamaniif deebiin kennan 9(45 %) yeroo tokko tokko ni kennu ennaa jedhan 8(40 %) irra caalaa nikennan jechuun deebisanii jiru. 2(10 %) immoo yeroo hunda nikenna jedhanii ennaa deebisan, 1(5 %) immoo kennanii hinbeekan jedhanii deebisanii jiru. Kana

wajjiin walqabatee tartiiba lakkoofsa 7 irratti gaafii gaafatameef barsiisaan hojii manaa yookiin hojii golaa kennan soroorsanii barattootaaf ni deebisuu? Jedhuuf deebiin kennan 13(65 %) dabree dabree akka soroorsanii fi duubdeebii akka kennaniif ibsanii jiru.7(35 %) immoo irra caalaan akka soroorsaniif ibanii jiru. Gabatee kanarraa hubachuun akka danda'amutti barattoota dubbisa shaakalchiisuudhaaf hojii manaa fi hojii golaa dandeessisu yeroo hunda kennuu dhabuudhaa fi kan kennan soroorsuu dhabuun fooyya'uu dhabuu barattootaaf sababa tokkodha.

Tartiiba lakkoofsa kudha lama irratti gaaffii barattoonni dubbisa yeroo dubbisan rakkoowwan barattootaan uumamaniif sababa ta'uu danda'a jettee kan yaaddu kami? jedhamanii gaafatamaniif deebiin kennan 13(65 %) dhiibbaa afaan dhalootaa akka ta'e ennaa ibsan; 5(25 %) kitaabni barnootaa dubbisaaf xiyyeeffannaa kennuu dhabuu ta'uu ibsanii jiru. 2(10 %) hanqina barsiisuu barsiisotaati jechuun deebisanii jiru. Kanarraa hubachuun kan danda'ame rakkoo dubbisuutiif wanti ka'umsa ijoo ta'e afaan dhalootaa gahee mataa isaa akka taphate hubachuun danda'amee jira.

Tartiiba lakkoofsa kudha lama irratti gaaffii barattoonni Afaan Amaaraatiin afaan hiikkatan Afaan Oromootiin dubbisuuf fedhii niqabu yaada jedhuun walii galtaa? Jedhamanii gaafatamaniif deebiin kennan,7(35 %) itti waliif gala ennaa jedhan;6(30 %) goonkuma walii hin galuu; 6(30 %) yeroo tokko tokko walii gala fi 1(5 %) sirritti walii gala jechuun ibsanii jiru. Kanarraa hubachuun kan danda'amu fedhiin dubbisuu isaaniigad aanaa ta'uu agarsiisa.

Snow.E.C etal.(1998) akka ibsetti "dandeettii dubbisuu fooyyessuuf yaada hedduu kaasus fedhii itti fufiinsa qabuu fi kakka'umsa qabaachuu qaba." Jechuudhaan yaada isaa ibsa.Akka hayyuun kun ibsetti kaka'umsii fi fedhiin keessoo yoo jiraate rakkoo kana keessaa bahuun akka danda'amu yookin fooyyessuun akka danda'amu nutti agarsiisa.

Gabatee 4.7. **Afaan Oromootiin dubbisa yeroo dubbisan rakkoowwan mudataniif wantoota sababa ta'an .**

T.L	Gaafannoowwan	Filannoowwan	Baa'ina	dhibbeentaa
1.	Ati Afaan Oromootiin dubbisa dubbisuuf fedhiin qabdu hammami?	5. Baa'ee ol-aanaa	-	-
		4. Olaanaa	2	10
		3. Giddu galeessa	18	90
		2. Gadi aanaa	-	-
		1. Baa'ee gadi aanaa	-	-
		Ida'ama	20	100
2	Gilgaalota dubbisa kitaaba barnootaa shaakalchiisuudhaan walqabatee gaheen kitaabni qabu hammami?	5. Baa'ee ol-aanaa	1	5
		4. Olaanaa	2	10
		3. Giddu galeessa	7	35
		2. Gadi aanaa	9	45
		1. Baa'ee gadi aanaa	1	5
		Ida'ama	20	100
7.	Daree keessatti hoj-manee fi hjii golaa kennamu hojjachuudhaaf gaheen qabu hammami?	5. Baa'ee ol-aanaa	-	-
		4. Olaanaa	-	-
		3. Giddu galeessa	6	30

		2. Gadi aanaa	14	70
		1. Baa'ee gadi aanaa	-	-
		Ida'ama	20	100

Gabatee 4.7 irratti barattoonni hedduun 18(90 %) Afaan Oromootiin dubbisa dubbisuuf fedhiin qaban sadarkaa giddu galeessatiin ibsanii jiru.2(10 %) immoo sadarkaa ol'aanaadhaan ibsanii jiru. Kuni kan agarsiisu barattoonni dubbisa afaanichaa dubbisuuf fedhiin qaban baa'ee akka hin taaneedha.

Gilgaalota dubbisa kitaaba barnootaa shaakalchiisuudhaan walqabatee gahee kitaabni qabu barattoonni ennaa ibsan kitaabbileen barnootaa kamiiyyuu ennaa qophaa'u gilgaalonni ofkeessatti hammatu barattootaaf faayidaa kan qabanii fi dandeettiiwwan gara garaa barattoonni akka horataniif bocamee qophaa'uu qaba.Garuu, gaafannoodhaaf barattoota dhihaatan 9(45 %) gilgaalota kitaaba Afaan Oromoo keessa jiran sadarkaa dubbisa barsiisuu keessatti gadi aanaa ta'uu isaa ibsanii jiru. Haaluma walfakkaatuun 7(35 %) kitaabichi dandeettii dubbisuu barataa fooyyessuuf gaheen qabu baa'ee akka hin taane yaada isaanii kaahanii jiru.

Deebii gabatee gubbaarratti dhiyaaterraa hubachuuf akka danda'ametti barataan irra caalaan 14(70 %) barsiisonni hoj-manee fi hojii golaa yeroo kennan hojjachuuf kaka'umsi qaban gadi aanaadha.Dabalataanis 6(30 %) hojii manaa fi hojii golaa kennamuuf hojjachuuf fedhiin isaanii gadi aanaa ta'uu isaa ibsanii jiru. Kuni immoo dandeettii dubbisuu isaanii akka hin fooyyeffanneef gahee ol'aanaa qaba.

Gabatee 4.8. Barsiisaan daree keessatti Afaan Oromoo ennaa barsiisu barattootarratti rakkoo dubbisuun uumamuuf wantoota sababa ta'uu danda'an.

T.L	Gaafannoowwan	Filannoowwan	Baa'ina	dhibbeentaa
2	Daree keessatti dubbisa yeroo dubbisiistan barattoota hammamiitu hirmaata?	5. Baa'ee ol-aanaa	-	-
		4. Olaanaa	-	-
		3. Giddu galeessa	1	100
		2. Gadi aanaa	-	-
		1. Baa'ee gadi aanaa	-	-
		Ida'ama	1	100
5	Daree tokko keessa ba'achuun barattootaa hammam rakkisaadha?	5. Baa'ee ol-aanaa	1	100
		4. Olaanaa	-	-
		3. Giddu galeessa	-	-
		2. Gadi aanaa	-	-
		1. Baa'ee gadi aanaa	-	-
		Ida'ama	1	100
11	Sababa dhiibbaa afaan dhalootaatiin dogongoroonni uumaman hammami?	5. Baa'ee ol-aanaa	-	-
		4. Olaanaa	-	-
		3. Giddu galeessa	1	100

		2. Gadi aanaa	-	-
		1. Baa'ee gadi aanaa	-	-
		Ida'ama	1	100

Gabatee 4.8 irratti akka mul'atutti barsiisaa gaafannoof dhihaate keessaa barsiisaan daree keessatti dubbisa ennaa dubbisiisan baa'inni barattoota hirmaatanii 1(100 %) sadarkaa giddu galeessatti ibsanii jiru. Barattoonni kitaabbilee gara garaa akka dubbisan gochuun dandeettii dubbisuu barattootaa ni cimsa.Kanaafuu daree keessatti dubbisni gara garaa yemmuu kennamu barattoonni akka hirmaatan gochuun fedhii dubbisuu barattootaa dabaluu bira darbee dandeettii isaanii akka gabbifatan gahee ol'aanaa qaba. 1(100%) daree tokko keessa baay'achuun barattootaa hammam rakkisaadha? gaaffii jedhuuf sadarkaa baa'ee ol'aanaatti rakkisaa akka ta'e ibsanii jiru. Dabalataanis yaaduma kana yeroo cimsan daree barnootaa tokko keessatti bay'achuun barattootaa adeemsa baruu barsiisuu nijeeqa. Fakkeenyaaf,barattoonni yemmuu baratan karaa gara garaatiin akka gahooman gochuuf daree tokko keessatti baa'inni barattoota argamanii murteessaa akka ta'e himuun dandeetti dubbisuu barattootaa dhiheenyaan hordofanii deeggaruudhaaf daree tokko keessatti baay'inni barattootaa osoo xiqqaatee filatamaa akka ta'e ibsanii jiru.

Gaafannoo tartiiba lakkoofsa 12 irratti dhihaateen Sababa dhiibbaa afaan dhalootaatiin dogongoroonni uumaman hammami?Gaaffii jedhuuf 1(100 %) sadarkaa giddu galeessatti dogoggorri uumamuu akka danda'u ibsanii jiru.

Gabatee 4.9. Sababoota rakkoo dubbisuu barattootaa

T.L	Gaafannoowwan	Filannoowwan	Baa'ina	Dhibbeentaa
1	Barattoonni dubbisa dubbisuudhaaf hayyamamoodhaa?	5. Baa'ee ol-aanaa	-	-
		4. Olaanaa	-	-
		3. Giddu galeessa	1	100
		2. Gadi aanaa	-	-
		1. Baa'ee gadi aanaa	-	-
		Ida'ama	1	100
7	Adeemsa dubbisuu keessatti dhiibbaan afaan dhalootaa ni mul'ataa?	5. Baa'ee ol-aanaa	1	100
		4. Olaanaa	-	-
		3. Giddu galeessa	-	-
		2. Gadi aanaa	-	-
		1. Baa'ee gadi aanaa	-	-
		Ida'ama	1	100
9	Yeroo barnoota dubbisuu barattoonni hunduu nihirmaatuu?	5. Baa'ee ol-aanaa	-	-
		4. Olaanaa	-	-
		3. Giddu galeessa	1	100

		2. Gadi aanaa	-	-
		1. Baa'ee gadi aanaa	-	-
		Ida'ama	1	100
10	Barattoonni dubbisa dubbisuuf hayyamamoo ta'an ofitti amanamummaa qabuu?	5. Baa'ee ol-aanaa	-	-
		4. Olaanaa	-	-
		3. Giddu galeessa	-	-
		2. Gadi aanaa	1	100
		1. Baa'ee gadi aanaa	-	-
		Ida'ama	1	100

Haala daawwannaa gaggeeffameen barsiisaan daree keessatti dubbisa isaaniif kennu barattoonni dubbisuudhaaf fedhii baa'ee hin qaban.Gabateen gubbaarratti ibsame isuma kana ibsa. Daawwannaan yeroo gaggeeffamu keessatti dogoggorri qorattuun agarte keessaa tokko adeemsa dubbisuu keessatti dhiibbaan afaan dhalootaa ni mul'ata.Dhiibbaan afaan dhaootaa kun barattootarratti baa'innaan mul'ata. Barattoota afaan lammaffaa isaanii ta'eef dhiibbaan afaan dhalootaa adda durummaadhaan sababa akka ta'an Norish H.J.(1993) ni ibsu.Dabalataanis Xiyyeeffatamaa fi sagaleelee afaan dhaloota barataa qoratamuu gidduu garaagarummaan jiraachuu barataadhaaf irra caalaatti rakkoon dubbisuu akka jiraatuuf sababni nijira jechuudhaan (kenworthy 1986) ni ibsa.

Yeroo dubbisuu barattoonni akka hirmaataniif carraa kennuun dandeettii dubbisuu isaanii akka fooyyeffatan godhus gabatee irraa hubachuuf akka yaalametti yeroo barnoota dubbisuu ba'inni barattoota hirmaatanii sadarkaa giddu galeessaatiin ibsamanii jiru.Adeemsa kanaan hubachuun kan danda'amu barattoonni saala lamaaniinuu daree keessatti hirmaannaa walqixa akka hin qabneedha.Sababni isaatis dogoggora yeroo uuman warren dhiiraa caalaa shamarran

irratti miirri saalfii fi sodaa ni mul'ata. Barattoota afaan lammaffaa biratti dubbisuuyyuu osoo danda'anii gabatee gubbaatti akka hubachuu dandeenyetti miirri ofitti amanamummaa gadi aanaa ta'uutu mul'ata.

Barsiisaa fi barattoonni yeroo qorannoon kun gaggeeffamutti barattoonni Afaan Oromoo ennaa dubbisan rakkoo isaan mudatuuf wantoota sababa ta'an akka armaan gadiitti ibsanii jiru.

Kanneen keessaayis barattoonni akka jedhan gilgaalota dubbisaa barsiisonni kennaniif barattoonni hojjachuuf kaka'umsi qaban gadi aanaa ta'uun isaa yaada gilgaalichaa dubbisanii hubachuun rakkisaa isaanitti ta'a.Sababni isaatis kitaabbilee,galaalchota,ogbarruuwwan gara garaa Afaan Oromootiin barreeffaman dubbisuudhaaf kaka'umsi qaban gadi aanaadha.Akkasumas kitaabbilee,galaalchota, ogbarruuwwan gara garaa fi kkf mana kitaabaa keessa akkaataa barbaadameen jiraachuu dhabuun isaa dhiibbaa mataa isaa qaba.

Barattoonni yeroo dubbisaa rakkoowwan uumamaniif sababoota isaanii ennaa ibsan gosa barnoota Afaan Oromoo kutaa shan irraa eegaluun isaanii seera afaanichaa adda baasanii akka hin beekne godhee jira. Dabalataan yeroo sagantaa Afaan Oromoo daree keessatti argamuu dhabuu,miira ofitti amanamummaa dhabuu,sodaa qabaachuu,jechoota laafanii fi jabaatan akkasumas ,jechoota gabaabatanii fi dheeratan adda baafachuu dhabuu fi dubbisa tokko ennaa dubbisan ni dogoggorra jedhanii sodaachuun rakkinichaaf ka'umsa ta'ee jira. Maatii fi barsiisota irraa deeggarsi barbaadamu jiraachuu dhabuun isaa fi dareen barnootaa mijjataa ta'uu dhabuun isaa gahee ol'aanaa taphatee jira.Dareen barnootaa mijaahaa ta'uu dhabuu jechuun ba'inni barattoota daree tokko keessatti baratanii baa'inna waan qabuuf barsiisaan dandeettii dubbisuu barattootaa gadi fageenyaan akka hin sakattaanee fi hin sirreessine rakkoo itti uuma.

Walumaa galatti,fedhiin barattootaa hamma barbaadamee ol ta'uu baatus fooyyeedha.Haata'u malee, barnooticha kutaa shanaffaarra jalqabuu fi barattoota afaan lammaffaatiif xiyyeeffannoo kennuu dhabuun dubbisa Afaan Oromoo akka hin gabbifanne godhee jira.Itti aansuudhaan barsiisonni akka jedhanitti hoj-manee fi hojii golaa kennamuuf sababa hin hojjanneef ennaa ibsan barataan fedhii dhabuu,Afaan Oromoo hindanda'u jedhanii of amansiisuu,hordoffii fi deeggarsi maatii jiraachuu dhabuu,barnootichaaf

xiyyeeffannoo kennuu dhabuufi beekuu dhabuun isaan ijoo ta'aniidha. Dhimmoota asii olitti ibsamanif sababa ta'an jedhamanii yaaddaman fi barsiisotaan qabxiiwwan ibsaman keessaa sagalee dheeraa,gabaabaa, jabaa fi laafaa adda baasanii beekuu dhabuu fi qubeewwan dachaa dhiibbaa afaan dhalotaarraa ka'uun bifa qubee dachaa sana jijjiiruun biratti mul'achuu isaa ibsanii jiru. Dogoggoroota uumaman kana bu'uura godhachuudhaan yeroo dubbisa dubbisanitti nan dogoggora jedhanii sodaachuu fi abdii kutachuun barattoota biraa mul'ata jechuun ibsaniit jiru. Barsiisaan daree keessatti yeroo barsiisan haala sagaleewwan gabaabaa,dheeraa ,jabaa fi laafaa akkasumas qubeewwan dachaa xiyyeeffannoo kennanii akka hinbarsiisnes ibsanii jiru. Barattoonni seera sagalee jabaafi laafaa akkasumas dheeraa fi gabaabaa adda baasanii beekuu dhabuu irraa kan ka'e hiika jechaa waan jijjiiruuf Yeroo dubbisa dubbisan barattoonni hafan itti kolfu. Dabalataanis bakka qubeen dachaa "dh" jirutti gara qubee "d" tti harkisanii hiika jechaa jijjiiru. Kanaaf yeroo baa'ee kun dubbisa irratti rakkoo itti ta'uu qofa osoo hintaane hiika jechaas waan jijjiiruuf dubbisa shaakaluu caalaa kolfa hiriyyoonni yeroo dubbisan itti kolfaniin booji'amanii gara abdii kutachuutti akka deman ibsanii jiru.

- Fakkeenyaaf ; boqonnaa sagal fuula 93 mata duree Harree fi saree jedhu ennaa dubbisan jechoota yeroo dubbisaa caqafaman irraa sassaabame akka armaan gaditti haa ilaallu

  Alaake (sagalee dhageessise) ➔ Alakee (Diida/Oddoo kee)
  Garaa (qaama) ➔ Gara (kallattii)
  Onnee (qaama keessaa) ➔ One (duwwaa ta'e)
  Jedhan (dubbatan) ➔ Jedan(hiika hin qabu)
  Dhufuu (as gahuu) ➔ Dufuu (Oyidaadhaa midhaan argachuu)

Walumaa galatti afaan ittiin hiikkatan, barreessuu fi dubbisa ittiin jalqaban Afaan Amaaraa waan ta'eef yeroo Afaan Oromootiin dubbisan dogoggoroonni uuman isaanitti mul'achuu baatus barattoonni afaan dhaloota isaanii Afaan Oromoo ta'e hiika dogoggora isaan uumanii waan hubataniif itti kolfu. Kun immoo afaanicha irratti abdii akka muratan gochuu bira darbee carraa fudhatanii daree keessatti barattoota dura dhaabbatanii akka dubbisa hin shaakalleef daandii saaqee jira.

Af-gaaffii barattootaa irraa hubachuun akka danda'ametti barnooticha afaan dhalootaa isaanii fi Afaan Ingiliffaa wajjiin walqixa kutaa tokkoffaa dhaa jalqabuu dhabuun keenya,Sagantaan gahaan barnootichaaf kennamuu dhabuun isaa,maatiin keenyaa fi barsiisonni xiyyeeffannoo addaa nuuf kennanii afaanicha akka fooyyeffannuuf nudeeggaruu dhabuun isaanii rakkoowwan yeroo dubbisaa nuqunnamaniif sababa ta'anii jiru jechuun ibsanii jiru. Dabalataanis dandeettii dubbisuu nama tokkoo wantoota fooyyessan keessaa tokko kitaabbilee gara garaa dubbisuu akka ta'e dhugaa wal nama hin mormisiifneedha. Haata'u malee deebii gaafannoo irraa hubachuun kan danda'amu barattoonni dandeettii dubbisuu Afaan Oromoo fooyyeffachuuf fedhii qabaatanis kaka'umsi qaban gadi aanaa ta'uu bira darbee kitaaba barnootaatiin ala kitaabbilee biroo kan Afaan Oromootiin barraahan akka hin dubbisne hubatamee jira.Kuni immoo dandeettii dubbisuu afaanichaa akka hin fooyyeffanneef gufuu ta'a.Yeroo barnoota dubbisaa barsiisonni dubbisa ennaa barsiisanii fi shaakalchiisan barattoota afaan dhalootaa fi afaan lammataa giddutti garaagarummaa bal'aatuu mul'ata. Sababni isaatis barattoota afaan lammaffaatiif dhiibbaan afaan dhalootaa waan irratti mul'atuuf dubbisuuf ni rakkatu. Yeroo dubbisanis barattoonni nutti kolfu jedhanii sodaatu. Barattoota afaan dhalootaa birattis taanaan dandeettiin dubbisuu gahaa ta'e jedhamu biraa hin mul'atu. Sababni isaatis Afaan Oromoo nan danda'a sababa jedhuun xiyyeeffannaan barnootaaf kennan gadi aanaa waan ta'eefi. Kanaafuu barattoota afaan lammaffaa birattii rakkoowwan gurguddoo uumaman hiikuuf barsiisonni sagantaa barnoota deeggarsaatiin (tutorial) deeggaruun irraa eeggama.

Rakkoon barattoota kanneenii kaka'umsa dhabuu, barnoticha barnoota biroo wajjiin walqixa laaluu dhabuudha. Sababni isaatis qormaata seensa Yunivarsitiitiif Afaan Oromoo waan hin laallamneef yeroo nu harkaa fudhata jedhanii yaaduun biraa mula'ta. Kana malees kutaa saglaffaa fi kurnaffaa yeroo baratan baa'inni sagantaa kennamee baa'ee xiqqaa waan ta'eef xiyyeeffannoon barnootaaf kennan akka gadi bu'aa ta'e ibsanii jiru.

Walumaa galatti wantoonni dubbisu dadhabuuf sababa ta'an ilaalchisee fedhii fi kaka'umsi dubbisaaf qaban xiqqaachuu,miira ofitti amanamummaa dhabuu,Sodaa qabaachuu,Jechoota laafanii fi jabaatan akkasumas ,jechoota gabaabatanii fi dheeratan adda baafachuu dhabuu fi dubbisa tokko ennaa dubbisan ni dogoggorra jedhanii sodaachuun rakkinichaaf ka'umsa ta'ee jira. Barsiisonnis gama isaaniitiin yaada barattootaa kana kan qooddatan ta'ee

dabalataan dareen barnootaa mijjataa ta'uu dhabuun isaa gahee ol'aanaa taphatee jira.Dareen barnootaa mijaahaa ta'uu dhabuu jechuun baa'inni barattoota daree tokko keessatti baratanii baa'inna waan qabuuf barsiisaan dandeettii dubbisuu barattootaa gadi fageenyaan akka hin sakattaanee fi hin sirreessine rakkoo itti uumuudha. Gama birootiin immoo dhiibbaan afaan dhalootaas afaan lammaffaa ennaa baratan gahee mataa isaa akka taphatu ibsanii sagantaan barnoota Afaan Oromootiif torbanitti sagantaa tokko qofa ta'uunis hanga barbaadameen barattoota kana shaakalchiisuf akka isaan rakkisu ibsanii jiru. Bu'aan daawwannaadhaan argames isuma kana kan dhugoomsuu fi kan walfakkaatu ennaa ta'u barattoonni saala lamaaniinuu hirmaannaa walfakkaataa akka hin qabne agarsiisa.

4.4. Barattoonni Afaan Oromoo ennaa dubbisan rakkoowwan isaan mudatuuf wantoota furmaata ta'an

Gabatee 4.10.Barattoonni Afaan Oromootiin ennaa dubbisan rakkoowwan isaan mudatuuf wantoota furmaata ta'uufii danda'an.

T.L	Gaafannoowwan	Filannoowwan	Baa'ina	Dhibbentaan
9	Gara mana barumsa sadarkaa lammaffaa dhufuukeetiin dura barsiisaan kee akka dubbisa fooyyeffattuuf tattaafiin gochaa turan maal fakkaata?	A. Yeroo hunda dandeettii dubbisuu keenyaa akka fooyyeffannuuf nugargaaraa turan.	2	10
		B. Walitti fufiinsaan dubbisa nudubbisiisu turan	2	10
		C. Yeroo tokko tokko dubbisa akka dubbifnuu gochaa turan.	9	45
		D. Rakkoo dandeettii dubbisuu keenyaa nu	7	35

		hubatanii hin beekan ture.		
		Ida’ama	20	100
10	Ati dandeettii dubbisuu Afaan Oromoo kee fooyyessuuf fedhiin qabdu hammami?	A. Baa’ee ol-aanaa	1	5
		B. Olaanaa	6	30
		C. Giddu gaeessa	12	60
		D. Gadi aanaa	1	5
		Ida’ama	20	100
12	Mana barumsaa keessatti gumiin ogbarruu fi diraamaa sochii kan qabu yoo ta’e shaakala dubbisuutiif faayidaan isaa hammami?	A. Guutumaan guututti faayidaa qaba	-	-
		B. Irra caalaa faayidaa niqaba	-	-
		C. Darbee darbee faayidaa ni qaba	=	-
		D. Faayidaa hin qabu	-	-
		E. Sagantaan kun mana barumsaa keessatti gaggeeffameetuu hin beeku.	20	100
		Ida’ama	20	100

Akkuma gabatee 4.10 keessatti mul'atu barattoota 20 gaafannoo kana guutan keessaa 9(45 %) barsiisonni dubbisa yeroo tokko tokko qofa akka dubbisan gochuu isaanii yeroo ibsaan;7(35 %) barsiisonni rakkoo dandeettii dubbisuu isaanii hubatanii akka hin beekne ibsanii jiru. 2(10 %) immoo yeeroo hunda dandeettii dubbisuu keenyaa akka fooyyeffannuuf nu gargaaran ennaa jedhan; 2(10 %) kan ta'an immoo walitti fufiinsaan dubbisa nudubbisiisu jechuun ibsanii jiru. Kuni kan agarsiisu barsiisonni heddun barnoota afaanii barsiisaniin xiyyeeffannaa baa'ee kan hin kennineef ennaa ta'u muraasni garuu barattoonni dandeettii dubbisuu akka qabaataniif kantattaafatan ta'uu namatti agarsiisa.

Gaafannoo 11 irratti akka ibsametti barattoota 20 gaafannoo kana guutan keessaa 12(60 %) dandeettii dubbisuu Afaan Oromoo isaanii sadarkaa giddugaleessatti fooyyeffachuuf fedhii akka qaban agarsiisanii jiru.Itti aansuudhaan 6(30 %) immoo fedhiin qaban ol'aanaa ta'uu fi 1(5 %) sadarkaa baa'ee ol'aanaatti kan ibsan ennaa ta'u 1(5 %) immoo sadarkaa gadi'aanaadhaan ibsanii jiru.Kun kan namatti agarsiisu rakkoon dandeettii dubbisuu gara garaa jiraatus fooyyessuudhaaf fedhii akka qaban agarsiisanii jiru.

Gaafannoo 13 irratti akka ibsametti barattoota 20 gaafannoo kana guutan keessaa 20(100 %) mana barumsaa keessatti gumiin ogbarruu fi diraamaa sochii kan hin qabnee fi Sagantaan kun mana barumsaa keessatti gaggeeffameetuu akka hin beekne ibsanii jiru. Kun kan namatti agarsiisu afaanicha deeggaruuf sochiin gama hundaan jiru laafaa ta'uu isaa namatti agariisa.

Walumaa galatti deebii gaafannoo dhiyaaterraa hubachuun kan danda'amu deeggarsi gama hundaan jiruu fi barattoota birattis fedhiifi kaka'umsi dandeettii dubbisuu isaanii fooyyessuuf qaban laafaa ta'uu isaa deebii gaafannoon dhiyaateef irraa hubachuun danda'amee jira. Gama birootiin Sagantaa fi gumiiwwan barnooticha deeggaran mana barnootichaa keessa jiraachuu dhabuun mataasaatiin barattoonni kakka'umsaa fi fedhii dubbisuu barattootaa akka xiqqaatu godhee jira.Dabalataanis deeggarsi gahaan barsiisonni akka hingooneefi barsiisonni xiyyeeffannaa akka hin kennineef dhimmoota godhan keessaa tokko sagantaa barnootichaaf ramadame gahaan ta'uu dhabuun isaa, barsiisonnis xiyyeeffannoo addaa barattoota kanaaf kennanii afaanicha akka fooyyeffataniif deeggaruu dhabuun isaanii rakkoowwan yeroo dubbisaa barattoota qunnamaniif sababa ta'anii jiru jechuun ibsanii jiru. Dabalataanis

dandeettii dubbisuu nama tokkoo wantoota fooyyessan keessaa tokko kitaabbilee gara garaa dubbisuu akka ta'e dhugaa wal nama hinmormisiifneedha. Haata'u malee, barattoonni dandeettii dubbisuu Afaan Oromoo fooyyeffachuuf fedhii qabaatanis kaka'umsi qaban gadi aanaa ta'uu bira darbee kitaaba barnootaatiin ala kitaabbilee biroo kan Afaan Oromootiin barraahan akka hin dubbisne hubatamee jira.Kuni immoo dandeettii dubbisuu afaanichaa akka hin fooyyeffanneef gufuu ta'a. Kanaafuu barattoota afaan lammaffaa birattii rakkoowwan gurguddoo uumaman hiikuuf barsiisonni sagantaa barnoota deeggarsaatiin (tutorial) deeggaruun irraa eeggama.

Barattoonni fedhiin dandeettii dubbisuu Afaan Oromoo isaanii fooyyeffachuuf qaban giddu galeessa ta'us dubbisa yeroo dubbisan rakkoowwan uumamaniif sababa kan ta'e dhiibbaa afaan dhalootaa ennaa ta'u xiyyeeffannoo kennanii barsiisuu dhabuu barsiisotaa fi gumiiwwan barnoota kana deeggaran mana barnootichaa keessatti dhaabbachuun barbaachisaa akka ta'e amananis kuni ta'uu dhabuun isaa rakkoo dubbisuu dadhabuu barattootaatiif sababa akka ta'an ibsanii jiru.

Gabatee 4.11.Gumiiwwan barreeffamoota Afaan Oromootiin barreeffaman dubbisiisuu fi gahee barsiisaa.

T.L	Gaafannoowwan	Filannoowwan	Baa'ina	dhibbeentaa
4	Gumiiwwan adda addaa mana barumsaa keessatti dhaabbatan barruulee Afaan Oromootiin barraahan dubbisiisuu irratti gaheen qaban maal fakkaata.	5. Baa'ee ol-aanaa	3	15
		4. Olaanaa	1	5
		3. Giddu galeessa	2	10
		2.Gadi aanaa	4	20
		1.Baa'ee gadi aanaa	10	50
		Ida'ama	20	100

8	Barsiisaan kee og-barruuwwan (barreeffamoota dadammaqina uuman) kutaa keessatti fiduun hammam tokko dubbisiisu?	5. Baa'ee ol-aanaa	-	-
		4. Olaanaa	-	-
		3. Giddu galeessa	-	-
		2.Gadi aanaa	10	50
		1.Baa'ee gadi aanaa	10	50
		Ida'ama	20	100
9	Kaka'umsi barsiisaan dubbisa barnootaa irratti qaban hammam tokko dadammaqina uuma?	5. Baa'ee ol-aanaa	-	-
		4. Olaanaa	6	30
		3. Giddu galeessa	14	70
		2.Gadi aanaa	-	-
		1.Baa'ee gadi aanaa	-	-
		Ida'ama	20	100

Gabatee 4.11 irratti akkuma agarsiisu irra caalaan 10(50 %) barattoota gaafannoof dhiyaatan keessaa gumiiwwan adda addaa mana barumsaa keessatti dhaabbatan barruulee Afaan Oromootiin barraahan dubbisiisuu irratti gaheen qaban baa'ee gadi aanaa akka ta'e ibsu. Akkuma beekkamu mana barumsaa keessatti gumiiwwan baa'inaan ni jiraatu. Gumiiwwan kunniin gaheen isaanii dandeettii barattootaa karaa adda addaatiin akka of keessaa baasanii agarsiisanii fi miirri ofitti amanamummaa barattootaa akka dabaluuf gaheen qaban ol'aanaadha. Haata'u malee,mana barumsa qorannoon kun itti gaggeeffametti barreeffamni Afaan Oromootii barattootaaf ennaa qophaa'anii fi dhihaatanis hin mul'atan.

Ogbarruuwwan garagaraa fi barruuleen miira namaa dadammaqsuu danda'an dandeettii dubbisuu namootaa akka fooyyessan wal nama hin mormisiisu. Haata'uu malee,gabatee kanarraa hubachuu kan dandeenyu barsiisonni barnoota Afaan Oromoo mana barumsaa kanatti barsiisan og-barruuwwan (barreeffamoota dadammaqina uuman) kutaa keessatti fiduun dubbisiisu fi dandeettii dubbisuu barattootaa fooyyessuuf gaheen gama isaaniitiin taphatan baa'ee gadi aanaadha jechuun barattoonni ibsanii jiru. Kunis 10(50 %) gadi aanaa fi parsantii wal fakkaatuun baa'ee gadi aanaa ta'uu isaa ibsanii jiru.

Stanovich.K.E and Siegel.L.S.(1984) akka ibsanitti tooftaan barsiisuu barsiisotaa barataan barnooticha seeraan akka hubatuu fi beekumsa isaa akka gabbifatuuf gahee ol'aanaa qaba. Haata'u malee, barattoonni baa'een 14(70 %) kaka'umsi fi dadammaqinni barsiisaan dubbisa barnootaa irratti qaban quubsaa akka hintaane ibsanii jiru. Kan hafan immoo 6(30 %) faallaa kanaatiin kaka'umsi barsiisotaa ol'aanaa akka ta'e ibsanis tattaaffiin yoo itti hindabalamne bu'aan quubsaa ta'e argamuu akka hin dandeenye ibsanii jiru.

Gabatee 4.12 Rakkoo dubbisuu barattootaa furuuf taattaaffii godhamu ilaalchisee.

T.L	Gaafannoowwan	Filannoowwan	Baa'ina	dhibbeentaa
3	Dubbisaa barnootaa ilaalchisee hammam tokko leenjiiwwan hubannoo uuman kennamanii jiru?	5. Baa'ee ol-aanaa	-	-
		4. Olaanaa	-	-
		3. Giddu galeessa	-	-
		2.Gadi aanaa	-	-
		1.Baa'ee gadi aanaa	1	100
		Ida'ama	1	100

9	Rakkoowwan barattoota muudataniif furmaata barbaaduudhaaf hangam tokko tattaafattan?	5. Baa'ee ol-aanaa	-	-
		4. Olaanaa	-	-
		3. Giddu galeessa	1	100
		2.Gadi aanaa	-	-
		1.Baa'ee gadi aanaa	-	-
		Ida'ama	1	100
10	Rakkoo barattootaa furuuf maatii barattootaa waliin hammam tokko marii gaggeessitanii jirtu?	5. Baa'ee ol-aanaa	-	-
		4. Olaanaa	-	-
		3. Giddu galeessa	-	-
		2.Gadi aanaa	1	100
		1.Baa'ee gadi aanaa	-	-
		Ida'ama	1	100

Gabatee 4.12 irratti akka ibsametti 1(100 %) dubbisaa barnootaa ilaalchisee leenjiiwwan hubannoo uuman kennuu irratti hanqinni bal'aan akka jiruu fi baa'ee gadi aanaa ta'uusaa ibsanii jiru. Kanarraa hubachuun kan danda'amu leenjiiwwan hubannaa dandeettii dubbisuu barattootaa cimsuu danda'an kennamuu dhabuun isaanii ennaa ta'u, kun muuxannoo barsiisonni fi ogeeyyiin qaban barattootaaf qooddamuu dhabuun barattoonni akka rakkoo isaan muudachuu danda'u hin hubanne gochuu isaa ibsanii jiru. Barattoonni dubbisa ennaa dubbisan rakkoowwan isaan muudatuuf hordoffii gochuu fi duubdeebii kennuufiin dogoggora jiru hanbisuun dandeettii dubbisuu isaanii cimsa.

Snow.E.C. etal.(1998) akka ibsanitti barattoonni mana barnootaa keessatti gochoota raawwataniif maatiin gahee ol'aanaa qabu jedha.Maatii fi barsiisota gidduu walitti dhufeenyi jiraachuu qaba. Sababni isaatiis qaamonni lamaanuu rakkoo dubbisuu barattootaa kan beekan yoo ta'e waliin hojjachuun rakkoo jiru furuu ni danda'u. Faallaa kanaa deebiin gaafannoo gaafatamerraa argame 1(100 %) rakkoo barattootaa furuuf maatii barattootaa waliin hojiin hojjatame gadi aanaa akka ta'ee fi hanqinni bal'aan akka jiru ibsanii jiru. Kana jechuun walitti dhufeenyi maatii barattootaa fi barsiisotaa laafaa ta'uu fi rakkoo dubbisuu barattootaa hiikuuf hojiin qindoominaan hojjatame akka hin jirre namatti agarsiisa.

Gabatee 4.13. Barsiisonni xiyyeeffannoo barnoota dubbisaatiif kennan ilaalchisee.

T.L	Gaafannoowwan	Filannoowwan	Baa'ina	dhibbeentaa
2	Daqiiqaa 40 kenname keessatti barnoonni dubbisaa gaggeeffameeraa?	5. Baa'ee ol-aanaa	-	-
		4. Olaanaa	-	-
		3. Giddu galeessa	-	-
		2.Gadi aanaa	1	100
		1.Baa'ee gadi aanaa	-	-
		Ida'ama	1	100
4	Barattoonni ennaa dogoggoran barsiisonni sirreeffama ni kennuu?	5. Baa'ee ol-aanaa	-	-
		4. Olaanaa	-	-
		3. Giddu galeessa	1	100
		2.Gadi aanaa	-	-

		1.Baa'ee gadi aanaa	-	-
		Ida'ama	1	100
11	Barattoonni kitaaba barnootaatiin ala barreeffamoota biroo akka dubbisaniif barsiisonni kakaasuu?	5. Baa'ee ol-aanaa	-	-
		4. Olaanaa	-	-
		3. Giddu galeessa	-	-
		2.Gadi aanaa	1	100
		1.Baa'ee gadi aanaa	-	-
		Ida'ama	1	100

Barsiisaan daree keessatti dubbisni kennu dandeettii dubbisuu akka fooyyeffataniif gargaarus,gabateen 4.13 akka ibsutti daqiiqaa 40 kenname keessatti barnoonni dubbisaa gaggeessuuf adeemsi jiru gadiaanaadha. Kuni mataa isaatiin barattoonni dandeettii dubbisuu isaanii akka hingabbifanneef gufuu itti ta'a. Barattoonni yeroo dogoggora uuman sirreeffama kennuun fuula duraaf dogoggora uumanirraa akka deebi'aniif gargaarus mana barumsaa qorannoon kuni irratti gaggeeffame dogoggora barattoonni uumaniif barsiisonni sirreeffamni kennan quubsaa akka hin taane ibsanii jiru. Kuni immoo barataan dogoggora isaa irraa akka hin barannee fi dubbisa akka hinfooyyeffanneef hudhaa ta'a. Kana malees barattoonni kitaaba barnootaatiin ala barreeffamoota biroo akka dubbisaniif barsiisonni barattoota isaanii adeemsi ittiin jajjabeessanii fi kakaasan gadi aanaa akka ta'e ibsanii jiru.

Barattootaa fi barsiisonni yeroo qorannoon kuni gaggeeffamutti barattoonni Afaan Oromoo yeroo dubbisan rakkoowwan isaan muudatuuf wantoota furmaata ta'uu danda'an akka itti aanutti ibsanii jiru.Kanniin keessaayis barattoonni akka jedhanitti Afaan Oromoo dubbisuuf wantoota rakkoo isaanitti uumu furuuf dubbisa gara garaa jechuunis galaalchota,kitaabbilee gara garaa fi barruulee adda addaa dubbisuu akka qaban ibsu. Dabalataanis hojii manaa fi hojii golaa yeroodhaan hojjachuun, sagaleewwan dheeraa,gabaabaa ,jabaa fi laafaa adda

baafachuu; akkasumas qubeewwan dachaa sirritti jechuu fi adda baasanii beekuuf tattaaffii gochuu akka qabanis ibsanii jiru. Kuni akkuma jirutti ta'ee dhimmi xiyyeeffannoo barbaadu afaanichaaf xiyyeeffannaa kennuu fi kaka'umsa qabaachuu, kitaabbilee miira dadammaqsanii fi nama bashannansiisan dubbisuun, yeroo hunda shaakala dubbisaa gochuu, barsiisota Afaan Oromoo wajjiin walitti dhufeenya cimaa uumuun kitaabaan ala tooftaa dandeettii dubbisuu isaanii ittiin fooyyeffatan gaafachuun fayyadamuun rakkoowwan uumamaniif fala ta'u jedhaniiru. Dabalataanis manneen barnootaa keessatti gumiin og-barruu fi diraamaa maqaadhaaf hundeeffamuu qofa osoo hin taane barattoonni keessatti hirmaatanii osoo dubbisa shaakalanii jijjiiramni ni dhufa. Fakkeenyaaf gumii minimiidiyaa mana barumsaa keessatti ogbarruudhaan,diraamaadhaan walaloo fi kkf keessatti osoo hirmaatanii caalatti ni fooyya'u.

Dandeettii dubbisuu barattoota afaan lamaffaa fooyyessuuf barsiisaan gaafannoof dhiyaatan tattaaffii godhan ilaalchisee akka itti aanutti ibsanii jiru. Barsiisaan gama kanaan tattaaffiin godhan quubsaa akka hin taane ibsanii jiru. Barattoonni rakkoo dandeettii dubbisuu irratti qaban furuuf gaheen maatii ol'aanaa ta'us walitti dhufeenyi barsiisota wajjiin qaban laafaadha. Haata'u malee,barattoonni fedhiin dubbisuu isaanii akka fooyya'uuf kitaabbilee gara garaa akka dubbisan barsiisonni akka gorsan yaada isaanii ibsanii jiru. Dabalataanis barattoonni oflamaanii akka wal gargaaran gochuu isaanii ibsanii jiru.

Yeroo af-gaaffiin barattoota waliin gaggeeffamu akka ibsanitti rakkinnichaaf furmaata ta'a jedhanii kan ibsan barnoota Afaan Oromoo osoo afaan dhalootaafi Afaan Ingiliffaa faana osoo jalqabanii akka filataniif maatii fi barsiisonni xiyyeeffannoo ol'aanaa kennanii osoo hordofanii fi gargaaranii salphumatti dandeettii dubbisuu isaanii akka fooyyeffachuu danda'an ibsanii jiru.

Af-gaaffiin barsiisota wajjiin gaggeeffame akka agarsiisutti kitaabbilee dabalataa akka dubbisan eeruu kennuu fi hirmaannaa godhan hundaan jajjabeessuun rakkoowwan dandeettii dubbisuu qaban hamma tokko furuun akka danda'amu ibsanii jiru.Dabalataanis barattoonni barnooticha akka jaalataniif dakaa jalqabee osoo irratti hojjatamee gaariidha. Fakkeenyaaf barattoonni oolmaa daa'immanii yookiin barnoota idileen duraa xumuranii fi kutaa tokkorraa afaan lammaffaatiin baratanii dhufan akka barattoota Kutaa 5^{ffaa} irraa Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti jalqabanitti rakkoon kun bal'innaan irraa hinmul'atu. Kanajechuun

barattoonni afaan lammaffaa kutaa 5ffaa irraa jalqabuun isaanii dandeettii dubbisuu isaaniitiif rakkoo ta'aa jira waan ta'eef kutama tokkorraa kaasanii osoo baratanii rakkoon kun furamuu akka danda'u barsiisonni ibsanii jiru. Kanaafuu barattoonni mana barnoota mootummaa keessatti baratanis kutaa tokkoffaa irraa jalqabanii afaanicha osoo baratanii seera sagaleewwan afaanichaa barachaa waan guddataniif yeroo gara mana barumsa sadarkaa lammaffaatti dhufanis ta'ee achii olittis ennaa dabran rakkoon kun waliin guddachaa fi dagaagaa hin dhufu ture.

Rakkoowwan dubbisuu barattoota irratti uumamaniif dhimmoonni furmaata ta'uu danda'an meeshaalee funaansa ragaa sadeeniinuu ragaawwan argaman akka agarsiisanitti barsiisotaafi daawwannaadhaan ragaawwan argaman ibsuuf akka yaametti dhimmoonni rakkinnichaaf sababa ta'uu danda'an kan walfakkaatu ennaa ta'u,ragaan barattoota irraa argame garuu barsiisonnis ta'ee tooftaan barsiisuu isaanii rakkoo dandeettii dubbisuu furuu akka hin dandeenye ibsanii jiru. Kun kan namatti agarsiisu barattootaa fi barsiisaa gidduu waitti dhufeenyi jiru laafaa ta'uusaa agarsiisa. Gama birootiin immoo dakaa jalqabanii jechuunis kutaa tokkoffaarraa kaasanii barachuu akka qaban ibsanii jiru. Akkasumas gumiin ogbarruu fi diraamaa mana barnootaa keessatti gahee fi faayidaan qabu ol'aanaa waan ta'eef hojitti galuu akka qabu ibsanii jiru. Dabalataan immoo leenjiiwwan gara garaa hubannoo uumuu danda'an barsiisotaaf osoo kennamee barattootaaaf galtee ta'uu akka danda'an ibsanii jiru.

Walumaa galatti sababoota kanaaf furmaata ta'u jedhamanii dhimmoonni ibsaman barattoonni sodaa malee dubbisa tokko irra deddeebi'anii akka dubbisan gochuu,gahumsa barattootaa yeroo yeroodhaan sakatta'uu fi kitaaba gahumsa barattootaa wajjiin deemu qopheessuu ,jechoota ifa ta'an fayyadamuu,dubbisa miira namaa dadammaqsan qophessuudhaan barnoota dabalataa (tutorial) tiin kennuu fi seenduubee barattootaa qorachuun dhimma murteessaadha.

BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA FI YAADA FURMAATAA

Boqonnaa kana jalatti kan dhiyaatu cuunfaa qorannichaafi yaada furmaataa qorannicha irratti hundaa‟uun kennamanidha.

5.1.Guduunfaa (Goolaba)

Qorannoon kun kan gaggeeffame godina Baalee aanaa Gurraa-dhaamolee Mana Barumsa sadarkaa lammaffaa Jibri ennaa ta’u kaayyoon gooroo qorannoo kanaa rakkoo barattoonni Afaan Amaaraatiin afaan hiikkatan yeroo Afaan Oromoo dubbisan isaan mudatu xiinxaluudha. Kaayyowwan gooree qorannoo kanaatis barattoonni Afaan Amaaratiin afaan hikkatan dubbisa Afaan Oromoo yeroo dubbisan rakkoo isaan mudatu addaan baasuu.;barattoonni Afaan Amaaratiin afaan hikkatan dubbisa Afaan Oromoo yeroo dubbisan rakkoo isaan mudatuuf sababa maal akka ta'e ibsuu.fi rakkoowwan barattoonni kuniin Afaan Oromoo yeroo dubbisan isaan mudataniif yaada furmaataa eeruudha. Kaayyoowwan kana galmaan gahuudhaaf daawwannaa, bargaafii fi af-gaafiin gaggeeffamee jira. Ragaawwan argamanis akkaataa barbaadameen qindeessuun karaa ifa ta’een qindaahanii ibsamanii jiru.

Haala ragaa sassabameen barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammataatti baratan yeroo barnoota dubbisuu rakkoowwan isaan muudatan keessaa sagaleewwan dheeraa,gabaabaa ,jabaa fi laafaa adda baafachuu, akkasumas qubeewwan dachaa sirriitti jechuu fi adda baasanii beekuu dadhabuudha. Ragaawwan sassaabaman kun akka agarsiisutti kanneen gubbaatti ibsamanii fi kanbiroos rakkoodha jedhamanii fudhataman karaa baa’eedhaan kan yaanni itti kenname ennaa ta’an akka itti aanutti ibsamanii jiru. Barattoonni rakkoo dubbisuu isaan muudatuuf ofuma isaaniitiif ka’umsa rakkoo ta’u. Barattoonni yeroo sagantaa Afaan Oromoo daree keessatti argamuu dhabuu,ofitti amanamummaa dhabuu,yeroodubbisan ni dogoggorra jedhanii sodaachuu fi fedhii dhabuun rakkoo dandeettii dubbisuutiif sababa ta’u jedhamanii fudhatamanii jiru.Karaa birootiin immoo akka sababa rakkoo tokkotti kan fudhatame dhiibbaa afaan dhalootaati. Akkuma barreeffama keessatti ibsametti barattoonni afaan ittiin hiikkatan Afaan Amaaraa yoo ta’e Afaan Oromoo yeroo dubbisan ni rakkatu.

Karaa biroon immoo akka sababa rakkoo birootti kan ibsaman keessaa rakkoowwan gama mootummaan mul’ataniidha. Kanneen keessaa tokko barattoonni afaan lammaffaa isaanii ta’e Afaan Oromoo akka barnoota tokkotti kanjalqaban kutaa shanaffaa irraa jalqabeeti.

Barattoonni afaan lammaffaa isaanii ta’e Afaan Oromoo akka jalqaban sirni barnootaa kan hayyamuf kutaa shanaffaa irraa jalqabeeti.Kuni immoo barattoonni yeroo dubbisuu rakkoo isaan mudatuuf akka sababa ijootti fudhatama. Barattoonni kutaa shanaffaa irraa jalqabanii barnoota Afaan Oromoo akka gosa barnoota tokkotti jalqabuun isaanii sagaleewwan dheeraa, gabaabaa ,jabaa fi laafaa adda baafachuu, akkasumas qubeewwan dachaa sirritti jechuu fi adda baasanii beekuu akka hindandeenyeef sababa ta’ee jira. Dabalataanis dareen barnootaa mijataa ta’uu dhabuun isaatis sababa birooti. Kuni immoo barsiisaan dandeettii dubbisuu barataa akkaataa barbaadameen akka hin hordofnee fi akka hin sakattaane dhiibbaa gama kanaan jiru uumuu danda’ee jira.

Barattoonni Afaan Oromoo afaan lammaffaa isaanii ta’e dubbisa Afaan Oromoo yeroo dubbisan rakkoo isaan muudatuuf gaheen barsiisaa ol’aanaadha. Rakkoo kanaaf sababa kan ta’e keessaa tokko barattoonni dareetti argamuu dhabuudha. Akkuma beekkamu gosni barnoota Afaan Oromoo qormaata xumura qophaa’inaa (seensa Yuunivarsitiif) godhamu irratti hinkennamu. Kanaafuu barattoonni fedhiin afaanichaaf qabanii fi horoffiin godhan sadarkuma dareetti kan xiyyeeffateedha. Daree keessatti osoo argamaniiyyuu hirmaannaan barnoota dubbisaa irratti qaban gadi aanaadhaa.Kana malees barattoonni dubbisa ennaa dubbisan yeroo baa’ee akka dogoggoran barreeffama keessatti ibsamee jira. Dogoggora yeroo uuman duubdeebiin gahaafi hordoffii gama barsiisaatiin godhamuuf laafaadha.

Barsiisaan afaan barsiisurratti hubannaa gahaa gama hundaan akka qabaatuu fi barattoota biraan akka gahuuf leenjiin walirraa hincinne kennamuufii qaba. Haata’u malee, ragaawwan sassaabaman akka agarsiisutti barsiisotaafis ta’ee barattootaafis leenjiin kenname akka hinjirre agarsiisa.Kun immoo qaama lamaan birattuu hubannoofi muuxannoo gahaa ta’e akka hin arganneef sababa ta’ee jira.Kana malees barattoonni Afaan Oromoo afaan lammataa isaanii ta’ee dubbisa yeroo dubbisan rakkoowwan isaan mudatuu bu’uuraan hiikuuf maatii barattootaa wajjiin marii gaggeessuun barbaachisaadha. Haata’u malee, gama barsiisaatiin sochiin godhame akka hinjirre rakkoo dandeettii dubbisuu barattootaa akka hinfuramneef sababa ta’ee jira. Mana barnootaa keessatti sochii gumiiwwan adda addaa dhaabbataniif gaheen barsiisaa ol’aanaadha ta’uu qaba. Haata’u malee sochii gumiiwwanii keessatti dandeettii barattoonni qaban kan ittiin agarsiisaniifi boru immoo sadarkaa biyyoolessaa fi addunyaatti ifa bahanii waltajjii irratti kan ittiin mula’atan ta’uun osoo beekkamuu sochiin

gama kanaan jiru laafaa akka ta'e hubatamee jira. Barsiisonni barnoota Afaan Oromoo barsiisan barattoonni Afaan Oromootiin asoosama gabaabaa, walaloo,diraamaa fi barruulee gaggabaaboo akka dhiheessaniif jajjabeessuufi hamileessuu keessatti gahee ol'aanaa qabu jedhamee yaaddamus sochiin qabatamaan jiru gadi aanaa akka ta'e hubachuun danda'amee jira. Kanaafuu barattoonni akka barbaadametti dandeettii dubbisuu isaanii akka hin fooyyeffanneef hudhaa ta'ee jira.

Walumaa galatti bu'aan qorannoo kanaa kan agarsiisu barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan barnoota Afaan Oromoo ennaa dubbisan rakkoowwan akka isaan qunnamuu fi rakkoowwan isaan qunnamuuf sababoonni isaanii heddu akka ta'aniidha.Fedhiin barattoonni afaanichaaf qabaniifi kaka'umsi jiru gadi aanaa ta'uun hordoffii fi deeggarsi barbaachisan maatii fi barsiisotaan godhamuufii dhabuu fi hawaasa keessattis aadaan dubbisaa xiyyeeffannaa qabaachuu dhabuun barattoonni dandeettiin dubbisa isaanii akka barbaadametti fooyyeffachuu dhabuu isaaniitiif sababa ta'ee jira.

5.2. Yaada furmaataa

Qorannoon kun barattoonni kutaa saglaffaa Afaan Amaaraatiin afaan hiikkatan yeroo Afaan Oromoo dubbisan rakkoon akka isaan mudatu agarsiisa.Yeroo dubbisan rakkoowwan isaan mudatu fi sababoonni rakkinnichaa baa'ee akka ta'e ibsa ragaawwanii irraa hubachuun danda'amee jira. Rakkoowwan dandeettii dubbisuu kana hiikuudhaaf qabxiiwwan furmaata ta'uu danda'an akka armaan gaditti qorattuun tarreessitee jirti.

- Barsiisonni barnoota Afaan Oromoo barsiisan yeroo barnoota dubbisaa rakkoowwan isaan mudatuu adda baasuu fi sirreeffama kennuun barattoota jajjabeessuu qabu.
- Mootummaan sirna barnootaa fooyyessuudhaan barnoonni Afaan Oromoo kutaa tokkoffaa irraa jalqabee barattoota hundaafuu akka kennamu osoo godhee.
- Dandeettiin Afaan Oromoo barattootaa akka sirritti dagaaguu fi barsiisonnis yeroo gahaa argatanii rakkoo dandeettii dubbisuu barattootaa shaakalaan akka fooyyessaniifis sagantaan gahaan barnootichaaf osoo ramadamee.
- Barattoonni dandeettii dubbisuu akka gabbifataniif barsiisonnii fi maatiin barattootaa hordoffii barbaachisaa ta'e akka godhan gochuu.

- Barattoonni daree barnootaa keessatti barnoota kennamuuf qofaan afaanicha hubachuu dhiisuu mala. Kanaafuu kitaabbilee deeggarsaa dandeettii afaan barattootaa giddu galeeffate qopheessuudhaan barattoonni akka itti fayyadaman gochuun adeemsa afaanicha baruu keessatti gahee ol'aanaa qaba.
- Kitaabbiee Afaan Oromoo barsiisuuf jedhamanii qophaa'an akkasumas meeshaaleen barnootaa biroo dubbisa dadammaqinaa fi miira dubbisuu barattoota keessatti uumuu danda'an dubbisa gara garaafi gahaa qabu osoo qophaa'ee.
- Barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan kitaaba daree keessatti ittiin barataniin ala kitaabbilee biroo kan Afaan Oromootiin barraahan ,barruulee gara garaa fi galaalchota akka dubbisaniif jajjabeessuun dandeettii dubbisuu barattootaa keessatti gahee ol'aanaa qaba.
- Barsiisota barnoota Afaan Oromoo barsiisaniif hubannaa gahaa gama hundaan akka qabaatanii fi barattoota bira akka gahuuf leenjiin walirraa hincinne osoo kennameefi gaheen barattoota kana gahoomsuu keessatti qabu ol'aanaa akka ta'e amantaa guddaan qaba.

KITAABBILEE WABII

Ali Akbar Kahansir, (2012).**Error Analysis And Second Language Acquisition.**Bushier university of medical sciences and health services, Iran.Academy publisher manufactured in Finland.

Burns & others, (1999).**Teaching Reading in Today's Elementary Schools**. (7th ed). Boston: Houghton Miffin Company.

Byme , D.(1991). **Teaching Writing Skills**. Hong Kong **:**Long man group (FE) LTD.

Carroll, P.J. Devine and D. Esker,(1988). **Interactive Approaches To Second Language . Reading.** Cambridge**:** Cambridge university press.

Clitford & others (1990).**Writing, Reading & Research (2nd ed)** New York Macmllan Publishing Company.

Ellis,R.(1989). **Understanding Second Language Acquisition.**5th ed. Oxford :Oxford . University press.

Grellet, F. (1981).**Devloping Reading Skills.Uk:** Cambride University Press.

Imene, S.(2001). **An Analysis Of Learner Promotion And Assessment Practice In The Namibian Education System.** Okahandja: NIED.

Kumar, R.(1999). **Research Methodology.**London: SAGE Publication. Mack Natasha and Other.2005.Qualitative research methods .A data collector's field guide.USA : http://

Kuutondokwa ,S.(2003,October) . **Reading Difficulties In Lower Primary Rural Area Schools.** A field work report University of Namibia.

Moore & others, (1995).**Reading & Writing in Elementary Class rooms:** Strateges & Obsevation. New York: Longman pubilishers.

Nunan, D. (1989). **Desgning Tasks for the Communicatice Class rooms**. Cambridge University Press.

Nuttal, C. (1998).**Teaching Reading Skill in Foreign Language**. London: Heinneman Educational Books.

Richards, J. (2001). **Curriculum Devlopment in Language Teaching**.Cambridge University Press.

Ruddell, M. (1998).**Teaching Content Reading & Writing (2nd ed).** Boston: Allyn & Bacon.

Smith, F.(2001). **Reading. Cambridge: Cambridge** University Press.

Smith,J.(1987). **Education Teachers :Changing The Nature Of Pedagogical Knowledge.**London :The Flamer press.

Snow, E.C.Etal,(1998). **Preventing Reading Difficulties In Young Children .** Washington National academy press.

Taylor,T.(1973). **Reading And Writing In First School.** London**:** Cambridge university press.

William,E.(1990).**Reading In The Class Room** .London: MC Mill an publishers. Ltd.

DABALEEWWAN

Dabalee - A

YUUNIVARSITII MADDA WALAABUU

KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMOOMAA

MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUU

Bargaaffii barattootaan guuttamu

Kabajamtoota barattoota

Kaayyoon qorannoo kanaa rakkoo barattoonni kutaa 9^{ffaa} Afaan Amaaraatiin afaan hiikkatan yeroo Afaan Oromoo dubbisan isaan mudatu xiinxaluudhaan qorannoo jalqabameef ragaa sassaabuudha. Bu'aan qorannoo kana irraa argamus barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatitti baratan ennaa dubbisan dhimmoota hudhaa itti ta'an adda baasuuf nigargaaru jedhameet amanama.

Milkaa'ina qorannoo kanaatiif odeeffannoon haqa qabeessa isin kennitan baa'ee murteessaadha. Kanaafuu, gaafannoo kana xiyyeeffannoo fi of-eeggannoodhaan dubbistanii deebii sirrii ta'e kennuudhaan akka guuttan kabajaa ol'aanaadhaan gaafachaa odeeffannoo haqa qabeessa kennuuf hayyamamoo waan taataniif durseen isin galateeffadha.

Kutaa tokko

Odeeffannoo walii gala: Gaafannoo irratti maqaa barreessuun hin barbaachisu.

Saala_____

Umrii_____

Sadarkaa kutaa_____

Afaan dhalootaa_____

Qajeelfama tokko: Gaafiiwwan armaan gadiitiif deebii ta'u jedhamanii filannoowaan kennamanii jiru. Gaafiiwwan tokkoo tokkoo isaanii of-eeggannoodhaan erga dubbisteen booda gaafichaaf deebii ta'a jettee kan yaaddu filachuudhaan deebicharra mari.

1. Afaan Oromoo jaalattaa?
    E. Baa'ee baa'ee jaaladha
    F. baa'ee jaaladha
    G. Ni jaaladha
    H. Hin jaaladhu
2. Gaaffii lakkoofsa tokko jalatti deebiin kee "D" yoo ta'e sababni kee maalinni?
    A. Barnoonni waan naaf hin galleef.
    B. Waan hin barbaanneef
    C. Hawaasa wajjiin waan itti walii hin galleef
    D. Baradhus barachuu baadhus waan beekuuf
3. Yeroo sagantaa barnoota Afaan Oromoo daree keessatti argamtaa?
    A. Yeroo hunda nan argama
    B. Irrajirii nan argama
    C. Ji'atti yeroo tokko nan argama
    D. Irra jirii hin argamu
4. Gaaffii lakkoofsa sadi jalatti deebiin kee "D" yoo ta'e sababni kee maalinni?
    A. Barnoonni waan naaf hin galleefi
    B. Irra jirii waan itti hin fayyadamneefi
    C. Salphaa waan ta'eefi
    D. Waanin beekuu fi
5. Barsiisaan dubbisa shaakalchiisuuf hojii manaa kennee beekaa?
    A. Yeroo hunda ni kennu
    B. Irra caalaa ni kennu
    C. Yeroo tokko tokko ni kennu
    D. Kennanii hin beekan

6. Barsiisaan hojii mana yookiin hojii golaa kennan soroorsanii barattootaaf deebisuu?
    A. Guutumaan guututti soroorsanii ni deebisu
    B. Darbee darbee nideebisu
    C. Irra caalaa nideebisu
    D. Deebisanii hin beekan
7. Barattoonni dubbisuudhaaf kan rakkatan dadhabbinna barattootaatirraa kan dhufe jettee kan tilmaamtu yoo ta'e dadhbina kanaaf sababa kan ta'e maal jettee yaadda?
    A. Haalli kenniinsa barnootaa mijataa ta'uu dhabuu
    B. Rakkoo dhuunfaa barataa
    C. Haalli daree barnootaa hojii baruu barsiisuutiif mijataa ta'uu dhabuu
    D. Kitaabbileen gara garaa mana kitaabaa keessatti guuttamuu dhabuu
8. Adeemsa dubbisa dubbisuu keessatti rakkoon kan siqunnamu maal irratti?
    A. Qubee dachaa sirritti jechuu dadhabuu irratti.
    B. Jabinaa fi laafina jechootaarratti.
    C. Dheerinaa fi gabaabina jechootaa irratti.
9. Gara mana barumsa sadarkaa lammaffaa dhufuukeetiin dura barsiisaan kee akka dubbisa fooyyeffattuuf tattaafiin gochaa turan maal fakkaata?
    A. Yeroo hunda dandeettii dubbisuu keenyaa akka fooyyeffannuuf nugargaaraa turan.
    B. Walitti fufiinsaan dubbisa nudubbisiisu turan
    C. Yeroo tokko tokko dubbisa akka dubbifnuu gochaa turan.
    D. Rakkoo dandeettii dubbisuu keenyaa nu hubatanii hin beekan ture.
10. Ati dandeettii dubbisuu Afaan Oromoo kee fooyyessuuf fedhiin qabdu hammami?
    A. Baa'ee ol-aanaa
    B. Olaanaa
    C. Giddu gaeessa
    D. Gadi aanaa
11. Barattoonni dubbisa yeroo dubbisan rakkoowwan barattootaan uumamaniif sababa ta'uu danda'a jettee kan yaaddu kami?

A. Hanqina barsiisuu barsiisotaa.
B. Kitaabni barnootaa dubbisaaf xiyyeeffannaa kennuu dhbuu
C. Dhiibbaa afaan dhalootaa
D. Kan biroo

12. Mana barumsaa keessatti gumiin ogbarruu fi diraamaa sochii kan qabu yoo ta'e shaakala dubbisuutiif faayidaan isaa hammami?
A. Guutumaan guututti faayidaa qaba
B. Irra caala faayidaa niqaba
C. Darbee darbee faayidaa ni qaba
D. Faayidaa hin qabu
E. Sagantaan kun mana barumsaa keessatti gaggeeffameetuu hin beeku.

13. Barattoonni Afaan Amaaraatiin afaan hiikkatan Afaan Oromootiin dubbisuuf fedhii niqabu yaada jedhuun walii galtaa?
A. sirritti walii gala
B. walii gala
C. yeroo tokko tokko walii gala
D. Goonkuma walii hin galu.

14. Maatiin kee ilaalchi barnoota Afaan Oromootiif qaban maal fakkaata?
A. Baa'ee ol"aanaa
B. Ol'aanaa
C. Gad aanaa
D. Baa'ee gadaanaa

Qajeelfama lama: ManaBarumsa Sadarkaa 2ffaa Jibriitti barattoonni kutaa 9ffaa Afaan Amaaraatiin afaan hiikkatan yeroo Afaan Oromoo dubbisan rakkoowwan isaan mudate adda baasuu ilaalchisee qorannoo adeemsifamuuf gaaffilee dhihaataniif deebii ta'uu danda'u jedhamanii tilmaamaman filannoowwan shan dhihaatanii jiru. Isaanis: 5(Baa'ee ol'aanaa), 4(ol'aanaa), 3(giddu galeessa), 2(gad'aanaa), 1(baa'ee gad'aanaa) kan jedhaniidha.

Gaafiiwwan armaan gaditti dhihaatan fulduratti tartiiba lakkoofsa 5-1 bakka duwwaa gabateedhaan dhihaatanii jiru.Gaafiwwan tokkoo tokkootiif yaada kennamu filachuudhaan bakka duwwaa gabatee keessa jiru keessatti mallattoo "X" dhaan deebii kee agarsiisi.

T.I	Gaafilee	5	4	3	2	1
1	Ati Afaan Oromootiin dubbisa dubbisuuf fedhiin qabdu hammami?					
2	Gilgaalota dubbisa kitaaba barnootaa shaakalchiisuudhaan walqabatee gaheen kitaabni qabu hammami?					
3	Qubee dachaa sirritti jechuu dadhabuu irraa kanka'e dandeettii dubbisuu keetii hammam faallessa?					
4	Gumiiwwan adda addaa mana barumsaa keessatti dhaabbatan barruulee Afaan Oromootiin baraahan dubbisiisuu irratti gaheen qaban maal fakkaata?					
5	Maatii kee waliin Afaan Oromootiin hammam walii galta					
6	Naannoo itti guddattetti barattoota Afaan Oromoo dubbattan waliin walitti dhufeenyi qabdu hammami?					
7	Daree keessatti hoj-manee fi hjii golaa kennamu hojjachuudhaaf gaheen qabu hammami?					

8	Barsiisaan kee og-barruuwwan (barreeffamoota dadammaqina uuman) kutaa keessatti fiduun hammam tokko dubbisiisa?					
9	Kaka'umsi barsiisaan dubbisa barnootaa irratti qaban hammam tokko dadammaqina uuma?					
10	Dubbisa yeroo dubbistu jechoonni laafanii fi jabaatanii dubbifaman adda baaftee dubbisuuf hammam si rakkisu?					

Qajeelfama sadi: Gaaffiiwwan barattoonni yaada isaanii waan itti fakkaatee fi itti amanan bilisaan akka deebisaniif dhihaatan**.**

Gaafiiwwan armaan gadiitti siif dhihaatan of-eeggannoodhaan erga dubbistee hubatteen booda bakka duwwaa siif kenname irratti deebii sirrii ta'a jettee yaaddu barreeffamaan ibsi.

1. Dubbisa dubbisuuf wantoonni danqaa natti ta'an jettee yaaddu yoo jiraatan ibsi.

   _____

   _____

   _____

2. Rakkoowwan simudatan tooftaa kamiin fooyyeffatta?

   _____

   _____

   _____

3. Gaaffilee gilgaala dubbisaa barsiisaadhaan siif kennamu hojjachuuf fedhii qabdaa?

   _____

   _____

   _____

4. Kitaabbilee Afaan Oromootiin barraahan,galaalchota, asoosamoota fi kkf dubbisuudhaaf kaka'umsi qabdu maal akkaata?

   _____

   _____

   _____

5. Rakkoowwan yeroo dubbisaa uumamaniif sababa kan ta'an maal fa'i?

   _____

   _____

   _____

6. Walumaa galatti yaada barnoota Afaan Oromoo dubbisuu irratti qabdu bal'iinaan ibsi.

   _____

   _____

   _____

Dabalee - B

YUUNIVARSITII MADDA WALAABUU

KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMOOMAA

MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUU

Af-gaaffii barattootaaf dhiyaate

Kaayyoon af-gaafii kanaa rakkoo barattoonni kutaa 9^{ffaa} mana barumsa sadarkaa 2 ^{ffaa} Jibrii Afaan Amaaraatiin afaan hiikkatan yeroo Afaan Oromoo dubbisan isaan mudatu adda baasuun sababoota isaa qorachuudhaaf ragaa sassaabuudha..Ragaawwan gaafannoo kanaan sassaabaman hunduu qorannoo gaggeeffamuudhaaf jedhu kanaaf kan oolu waan ta'eef odeeffannoon haqa qabeessa qulqulluu isin kennitan qorannoo kanaaf murteessaa dha. Yeroo keessan qaalii ta'e aarsaa gochuudhaan gaafiifi deebii kanaaf hayyamamoo waan taatanii dursee galatoomaa jechuun barbaada.

1. Sagantaa barnoota Afaan Oromoo Jaalattaa?
2. Dandeettii dubbisuu barnoota Afaan Oromoo kee fooyyeffachuuf hayyamamaadhaa?
3. Dubbisa Afaan Oromoo ennaa dubbistu wantoonni hudhaa sitti ta'an maal fa'i?
4. Sagaleewwanii fi qubeewwan Afaan Oromoo adda baaftee beektaa / jirtaa?
5. Dubbisa Afaan Oromoo ennaa dubbistu barattoonni biroo natti kolfan jettee yaaddaa?
6. Kitaaba barnootaatiin ala kitaabbilee birooa kan Afaan Oromootiin barraahan dubbistaa?

Dabalee C

YUUNIVARSITII MADDA WALAABUU

KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMOOMAA

MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUU

Bar-gaaffii barsiisotaan guuttamu

Kabajamtoota barsiisota

Kaayyoon gaafannoo kanaa rakkoo barattoonni kutaa 9ffaa Afaan Amaaraatiin afaan hiikkatan yeroo Afaan Oromoo dubbisan isaan mudatu xiinxaluudhan qorannoo jalqabameef ragaa sassaabuudha. Bu'aan qorannoo kana irraa argamus barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatitti baratan ennaa dubbisan dhimmoota hudhaa itti ta'an adda baasuuf nigargaaru jedhameet amanama.

Milkaa'ina qorannoo kanaatiif odeeffannoon haqa qabeessa isin kennitan baa'ee murteessaadha. Kanaafuu, gaafannoo kana xiyyeeffannoo fi of-eeggannoodhaan dubbistanii deebii sirrii ta'e kennuudhaan akka nuuf guuttan kabajaa ol'aanaadhaan gaafachaa odeeffannoo haqa qabeessa kennuuf hayyamamoo waan taataniif durseen isin galateeffadha.

Yaadachiisa:

- Waraqaa gaafannoo kana irratti maqaa barreessuun hin barbaachisu.
- Gafannoo kana hiriyyaa kee wajjiin mari'attanii guutuun bu'aa qorannoo kanaa faallessuu waan danda'uuf dhoorkaadha.
- Gaafiiwwan tokkoo tokkoo isaaniitiif deebii haala gaafannoo isinii dhihaaterratti hundaa'uun mallattoo "X" yookin deebii gabaabaa barreessuun deebisaa

Kutaa tokko

Odeeffannoo walii gala

1. Maqaa mana barumsaa itti barsiiftan_____.
2. Saala: A. Dhi ☐ B. Dub ☐
3. Umrii: A. 18-25 ☐ B. 26-31 ☐ C. 32-37 ☐ D 38-43 ☐
   E. 43 fi isaa ol ☐
4. Barsiisummaadhaan waggaa meeqaaf tajaajiltanii jirtu?
   A. 1-6 ☐ B. 7-12 ☐ C. 13-18 ☐ D. waggaa 19 fi isaa ol ☐
5. Barnoota Afaan Oromoo waggaa meeqaaf barsiiftan?
   A. 1-5 ☐ B. 6-10 ☐ C.11-15 ☐ D. waggaa 16 fi sanaa ol ☐
6. Sadarkaa barnootaa A. Dippiloomaa ☐ B. Digrii ☐ C. Digrii 2^{ffaa} ☐
7. Barnoota ittiin leenji'e A.Ijoo_____ B. Aantee _____

Qajeelfama lama: Mana Barumsa Sadarkaa 2^{ffaa}Jibriitti barattoonni kutaa 9^{ffaa} Afaan Amaaraatiin afaan hiikkatan yeroo Afaan Oromoo dubbisan rakkoowwan isaan mudate adda baasuu ilaalchisee qorannoo adeemsifamuuf gaaffilee dhihaataniif deebii ta'uu danda'u jedhamanii tilmaamaman filannoowwan shan dhihaatanii jiru. Isaanis: 5(Baa'ee ol'aanaa), 4(ol'aanaa), 3(giddu galeessa), 2(gad-aanaa), 1(baay'ee gad-aanaa) kan jedhaniidha.

Gaafiiwwan armaan gaditti dhihaatan fulduratti tartiiba lakkoofsa 5-1 bakka duwwaa gabateedhaan dhihaatanii jiru.Gaafiiwwan tokkoo tokkootiif yaada kennamu filachuudhaan bakka duwwaa gabatee keessa jiru keessatti mallattoo "X" dhaan deebii kee agarsiisi.

T.I	Gaafilee	5	4	3	2	1
1	Sagantaa barnoota Afaan Oromootin barattoota hammamiitu daree barnootaatti argama?					
2	Daree keessatti dubbisa yeroo dubbisiistan barattoota					

	hammamiitu hirmaata?					
3	Dubbisa barnootaa ilaalchisee hammam tokko leenjiiwwan hubannoo uuman kennamanii jiru?					
4	Barattoota afaan dhalootaa fi afaan lammataa gidduu garaa garummaan dubbisa sirritti dubbisuu hammam tokko garaagarummaan jira?					
5	Daree tokko keessa bay'achuun barattootaa hammam rakkisaadha?					
6	Barattoonni isin barsiiftan fedhiin barnoota Afaan Oromoo barachuuf qaban hammam tokko?					
7	Barattoota yeroo dubbisa dubbisiistan dogoggorri isaan mudatu hammami?					
8	Dogoggorri isaan mudatu hammam wal fakkaataadha?					
9	Rakkoowwan barattoota muudataniif furmaata barbaaduudhaaf hangam tokko tattaafattan?					
10	Rkkoo barattootaa furuuf maatii barattootaa waliin hammam tokko marii gaggeessitanii jirtu?					
11	Sababa dhiibbaa afaan dhalootaatiin dogongoroonni uumaman hammami?					

Qajeelfama sadi: Gaafiiwwan armaan gadiitti isiiniif dhihaatan of-eeggannoodhaan erga dubbistanii hubattaniin booda bakka duwwaa isiniif kenname irratti deebii sirrii ta'a jettanii yaaddan barreeffamaan ibsaa.

1. Barattoota Afaan Amaaraatiin afaan hiikkatan yeroo barnoota dubbisaa barsiistan rakkoo maaltu isin muudata?

   _____

   _____

   _____

2. Barnoota dubbisaa ennaa barsiistan hojiin golaa kennitan irrattii rakkoowwan ifa bahanii mul'atan maal fa'i?

   _____

   _____

   _____

3. Barattoonni Afaan Amaaraatiin afaan hiikkatan hojiiwwan golaa fi hojiiwwan manaa kennaman osoo hin hojjatiin yoo dhufan sababni hojjatanii dhufuu dhabuu isaaniitiif sababa ta'an maal fa'i?

   _____

   _____

   _____

4. Barattoonni dubbisa yeroo dubbisan rakkoowwan isaan mudatuf sababa ta'uu danda'an jittanii kan yaaddan maal fa'i?

   _____

   _____

   _____

5. Deebii gaafii tartiiba lakkoofsa afuriitiif furmaata barbaaduudhaaf tarkaanfiin fudhatamuu qaban maal fa'i jettanii yaaddu?

   _____

   _____

   _____

6. Barattoota afaan lammaffaa barataniif dandeettii dubbisuu isaanii akka fooyyeffataniif tattaaffiin gootan maali?

_____

_____

_____

7. Barattoota daree keessatti ennaa barsiisan jabaachuu,laafuu,gabaabachuufi dheerachuu sagalee barsiistanii beektuu?

_____

_____

_____

8. Gaafii tartiiba lakkoofsa torba irratti gaaffii gaafatamtaniif deebiin keessan “eeyyee” kan jedhu yoo ta’e, rakkoowwan mul’atan irra caalaa eddoo kamitti mul’atu?

_____

_____

_____

9. Barattoonni seera sagalee jabaachuu,laafuu,gabaabachuu fi dheerachuu beekuu dhabuutiin rakkoowwan mudatan maal fa’i?

_____

_____

_____

10. Barattoonni Afaan Oromoo akka afaan lammataatti baratan qubeewwan sirritti jechuu hin dandeenye nijiru jettanii yaadduu?

_____

_____

_____

Dabalee - D

YUUNIVARSITII MADDA WALAABUU

KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMOOMAA

MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUU

Af-gaaffii barsiisootaaf dhiyaate

Kaayyoon af-gaafii kanaarakkoo barattoonni kutaa 9ffaa mana barumsa sadarkaa 2 ffaa Jibrii Afaan Amaaraatiin afaan hiikkatan yeroo Afaan Oromoo dubbisan isaan mudatu adda baasuun sababoota isaa qorachuudhaaf ragaa sassaabuudha. Ragaawwan gaafannoo kanaan sassaabaman hunduu qorannoo gaggeeffamuudhaaf jedhu kanaaf kan oolu waan ta'eef odeeffannoon haqa qabeessa qulqulluu isin kennitan qorannoo kanaaf murteessaa dha. Yeroo keessan qaalii ta'e aarsaa gochuudhaan gaafiifi deebii kanaaf hayyamamoo waan taatanii dursee galatoomaa jechuun barbaada.

Qajeelfama sadi: Gaafiiwwan armaan gaditti dhihaataniif deebii keessan kennaa.

1. Afaan Oromoo waggaa meeqaaf barsiiftanii jirtu?
2. Leenjii barsiisummaa bara kam fudhattan?
3. Yeroo barnoota dubbisaa barsiiftan rakkoon isin qunnamu maal fa'i?
4. Sababoonni rakkoo kana uumanii maal ta'uu danda'a jettanii yaaddu?
5. Sababoota rakkoo kanaatiif wantoonni furmaata ta'uu danda'u jettanii yaaddan maal fa'i?
6. Sagantaan barnoota Afaan Oromootiif torbanitti kenname gahaadha?
7. Gahaa yoo hin taane xiqqaachuun sagantaa barnootaa dubbisaa irratti rakkoon uume jiraa?
8. Kutaa tokko keessatti baa'achuun barattootaa rakkoo isinitti uumee jiraa?
9. Sagantaan barnootaa tokko daqiiqaa 40 qofa akka ta'e nibeekkama.Yeroo kenname keesaa daqiiqaa hammam barnoota dubbisuutiif kennitu?
10. Barnoota dubbisaa yeroo barsiistanii fi yeroo shaakalchiistan barattoota afaan dhalootaa fi afaan lammaffaa gidduu garaagarummaan jiru maal fakkaata?
11. Yoo jiraate garaagarummaa jiru dhiphisuuf tattaaffii maal gootan?
12. Barattoonni afaan dhalootaa rakkinicharraa bilisaa? Yoo bilisa hin taane barattoota afaan lammaffaa iirraa wanti adda isaan godhu maalinni?

Dabalee- E

Gaafannoo daawwiidhaaf qophaa'e

Qajeelfama tokko: Armaan gaditti gaafiwwan filannoowwan shan qaban dhihaatanii jiru. Isaanis: 5(Baa'ee ol'aanaa), 4(ol'aanaa), 3(giddu galeessa), 2(gad'aanaa), 1(baa'ee gad'aanaa) kan jedhaniidha. Gaafiiwwan armaan gaditti dhihaatan fulduratti tartiiba lakkoofsa 5-1 bakka duwwaa gabateedhaan dhihaatanii jiru.Gafiwwan tokkoo tokkootiif yaada kennamu filachuudhaan bakka duwwaa gabatee keessa jiru keessatti mallattoo "X" dhaan deebii agarsiisi.

T.I	Gaafilee	5	4	3	2	1
1	Barattoonni dubbisa dubbisuudhaaf hayyamamoodhaa?					
2	Daqiiqaa 40 kenname keessatti barnoonni dubbisaa gaggeeffameeraa?					
3	Barattoonni yeroo dubbisan dogoggora sagalee jabaa fi laafaa ni uumuu?					
4	Barattoonni ennaa dogoggoran barsiisonni sirreeffama ni kennuu?					
5	Barattoonni yeroo dubbisan dogoggora sagalee dheeraa fi gabaabaa ni uumuu?					
7	Adeemsa dubbisuu keessatti dhiibbaan afaan dhalootaa ni mul'ataa?					
8	Barattoonni yeroo dubbisan dogoggora qubee dacha ni uumuu?					
9	Yeroo barnoota dubbisuu barattoonni hunduu nihirmaatuu?					
10	Barattoonni dubbisa dubbisuuf hayyamamoo ta'an ofitti amanamummaa qabuu?					
11	Barattoonni kitaaba barnootaatiin ala barreeffamoota birro akka dubbisaniif barsiisonni kakaasuu?					